



Guyyaan saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa marsaa 18^{ffaa}n kabajamaa jira

Oliifan Raggaasaatiin

Guyyaan sabootaa, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa marsaa 18ffaan sadarkaa biyyaatti Jijjigaatti, sadarkaa Naannoo Oromiyaatti ammoo Harargee Bahaa magaalaa Maayaatti qophiilee garaagaraatiin kabajamaa jira.

Sadaasni 29 barri 1987 guyyaa Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa itti ragga'e yommuu ta'u, bu'uura murtii Manni Maree Federeeshiinii Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa walgahii idilee 2ffaa Ebla 21/1998 taa'een dabarseen bara 1999 irraa kaasee guyyaan kun guyyaa Saboota, Sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa jedhamee waggaa waggaan kabajamaa jira.

Haaluma kanaan guyyaan kun bara kana marsaa 18ffaafkan kabajamu yommuu ta'u, ergaan ijoon inni ittiin kabajamaa jirus "Hedduminniifi Walqixxummaan Tokkummaa Biyyaalessaaf"



jedhuuni.

Ayyaanichi karaa walitti dhufeenya ummatootaa cimsuun tokkummaa biyyaalessaa uumuu dandeessisuun Mootummaa Naannoo Somaalee magaalaa Jijjigaatti akka biyyaatti guyyoota shaniifkan kabajamu yoo ta'u, guyyoonni kunis: Sadaasni 25-29/2016 guyyaa Obbolummaa, Sadaasni 26-28/2016 guyyaa Heddumminaa, Sadaasni 27/2016 guyyaa Walta'uu, Sadaasni 28/2016 guyyaa Ida'amuufi Sadaasni 29/2016 guyyaa Itoophiyaa jedhamuun moggaafamanii qophiilee garaagaraatiin kabajamuurratti argamu.

Kabaja guyyaa kanaatiifis bakka bu'oonni sabootaa, sablammootaafi ummatootaa naannolee biyattiirraa babbahan Jijjigaa gala kan jiran yoo ta'u, ayyaana kana sababeeffachuun dheengadda fiigichi daandiirraa kiilomeetira 5 qopheessummaa Ministeera Aadaafi Ispoortitiin geggeefameera. Akkasumas baazaariin **Gara fuula 14tti**

Jallisii bonaatiin lafti hektaarri Miliyoonni 1.5 ol sanyii qamadiin misoome

Iziqeel Tashoomaa

Bara kana Inisheetiivii misooma qamadii bonaa karoora xiiqiin hogganamuun lafa hektaara miliyoona 2.6 misoomsuuf karoorfamee hanga ammaatti hektaarri miliyoonni 1.5 ol sanyii qamadiin uwwifamuusaa Biiroon Qonnaa Oromiyaa beeksisa.

Hogganaan Biirichaa Obbo Geetuu Gammachuu akka ibsanitti Naannoo Oromiyaatti karoora xiiqii qamadii jal'isii yeroo bonaa bara kanaatiin lafa hektaara miliyoona 2.6 misoomsuun oomisha kuntaala miliyoona 105 argachuuf karoorfamee hanga



ammaatti lafti hektaarri miliyoonni 2fi kumni 10 kan qopha'ee yoo ta'u, kana keessaa **Gara fuula 14tti**

Barattoonni qabxii olaanaa galmeessisan badhaafaman

Oliifan Raggaasaatiin

Biiron Barnootaa Oromiyaa barattoota bara 2015 qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa fudhachuun qabxii olaanaa 600 0l galmeessisan tibbana badhaase.

Barattoonni badhaafaman kunis saayinsii uumamaarraa barataa 37fi saayinsii hawaasaarraa barataa 1 yoo ta'an, kana keessaa 9 shamarraniifi tokko ammoo qaamaa miidhamaadha.

Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Dr Tolaa Bariisoo, sirna sagantaa badhaasaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti geggeeffame kanarratti Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoo qulqullina barnootaa akka



naannootti mudatefi darbees darbees **Gara fuula 14tti**



**Paarkii Biyyoolessa Gaarreen
Baalee 'UNESCO'tti
galmaa'uu sababeeffachuun
sirni beekkamtii kennuu
gaggeeffame**

Masarat Amanaatiin

Paarkii Biyyoolessa Gaarreen Baalee Guyyaa akka Hambaaleetti Addunyaatti 'UNESCO'tti galmaa'uun Guyyaa har'aa Magaalaa Roobeetti sagantaan beekkamtiibkennuu gaggeeffameera.

Sagantichi Abbaa Taayitaa Eegumsa Bineensa Itoohiyaa, Ministeera Tuurizimii, Mootummaa Naannoo Oromiyaafi Qaamolee deeggartootaa waliin ta'uun Waggaa 1ffaa Paarkii Biyyoolessa Gaarreewwan Baalee akka Hambaalee Addunyaatti galmaa'ee Magaalaa Roobeetti kabajameera.

Saganta kanarratti **Gara fuula 14tti**

Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Tokkummaa jabeessa

Ka'ee waa dubbadhuu
Afuura baafadhuu
Jireenya biyya koo
Akkamiin ibsadhu
Sabootaafi sablammootaaf
Dhaamsa dabarfadhuu?
Ayyaana Sadaasaa
Isa kam yaadattaa
Fajjii wal qixxummaa
Mallattoo eenyummaa
Guyyaa seenqabeessa
Tokkummaa jabeessa
Ummatoonni hundinuu
Kabajaafi jaalalaan
Wal faana jiraannaa
Kabaja ayyaanichaaf
Walwajjiin imallaa
Naannoowwan biyyattii
Yaadanis daawwachaa
Miidhagina keenya
Didinqisiifachaa
Itoophiyaa biyya koo
Hammattuu saba hundaa
Biyya seenaa guddaa
Argama ilma namaa
Tokkummaa kee diiguuf
Kan maraatu ormaa
Warri si deggeru
Hundinuu siif morma

**Urgee Likkii,
Waajjira Kominikeeshiinii
Bulchiinsa Magaalaa
Gimbiirraa Fuula fb, Birruu
Qaabatoorraan dubbise**

Guyyaa sabdanummaa

Guyyaa sabootaa
Guyyaa sablammootaa
Guyyaa ummatootaa
Guyyaa Heera raggaafanne
Guyyaa sabdanummaa
Kan waadaafi tokkummaa
Damee muka guddaa
Itoophiyaan faarsaa
Jijjigaa isin geesseen
Tokkummaa leellisa
Iccitii gootummaa
Muraasan weeddisaa
Yeroo qabdan keessaa
Nuusa naaf ergisaa
Addunyaa hundarraa
Afrikaan dursaa
Seenaa yo qoranne
Itoophiyaan gamnaa
Goota kamiin waameen
Isa kamiin dhiisaa
Walabummaa biyyaaf
Warra ta'an aarsaa
Sabaafi sablammoota
Bakka hundaa keessaa
Lixa, kaabaafi Kibba
Bahaa dabalatee
Olaantummaa sabaaf
Hunduu seenaa hojjete
Bittaa cunqursootaa
Ofirraa darbatee



Bilisummaa ummataaf
Kan lubbuusaa late
Kunoo haa gammadu
Guyyaa walqixxummaa
Sadaasaa argate
Sabaafi sablammiiin
Heer waloo tumatee
Guyyaa sabaa jedhees
Waliin murteeffatee
Sadaasa qabatee
Naannoon hundiyyuu
Darabee naqatee
Kunoo baranammo
Sumaalee dhaqate
Agarsiisa aadaa
Shubbisaafi Ragada
Shaggooyyeefi kumkumme
Hawwisiidhaaf dhiisaa
Ummanni hundumtiyyuu
Obbolummaa labsaa



Duudhaa keessan tiksaa
Seenaa keessan baasa
Hariiroo jabeessaa
Badhaadhina waloof
Hundi keesan tumsaa
Gaaddisa tokkummaa
Alaabaas ol qabaa
Birmadummaa biyyaa
Mallattoo tokkummaa
Kan ittiin waamamnu
Bakka bu'aa biyyaa
Alaabaas kabajaa
Ittiin waliigallaa
Guyyaa kana
Waadaa haaromsina
Tokkummaan dhaabannee
Nageenya cimsina

**Yirsaawu Mazgabuutiin,
Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa
Beddelleerra-Bunnoo Beddellee**

Aadaa fuudhaafi heerumaa . . .

kunneenis karraan seenuun Gaala fe'anii dhufan hiikuun erga qubatanii booda buna jilba kormaa jedhanii mana haadha intalaatti buna qalanii nyaatanii eebbisuun aannan suuchee yookiin ittittuu warri gurbaa kun fe'anii dhufan namaaf qooduun shaayiiinis dhaabamee namni hundi dhuga.

Kana booda dubartoonni hundi gamtaan mana dasee ijaaru. Dubartoonni mana dasee ijaaran kun yoo xumuran jalqaba sirba yeroo ijoolleen dhiiraa dhalattu sirbamu sirbanii taphatu. Fakkeenyaaf sirba:-

“Oomoloolee molee

Oomolee ayyayyaa”...jedhanii sirbu. Itti aansuun ammoo sirba yeroo fuudhaa sirbamu kan akka; “Obboloo seedoo, Oroosoo feetaa, hardha guyyaan keetoo”...jedhanii sirbanii taphatu.

Itti aansuun immoo sirba; “Oosinoon oolee haa asoo ellemmaa” ..jedhamu sirbuun taphatu.

Yeroo mana dasee ijaaranii xumuranis buna biraa mana haaraa ijaarame kanatti qalanii nyaachuun eebbisu. Kanaan booda qaallicha tokkoon koottuu ijoolleef “Aada” hidhi jechuun waamanii, qaallicha dhufee “Aada” hidha (nikaa godhaaf) jechuudha.

Yeroo aada hidhaniif (nikaa godhaniif) kanaa goromsi tokko kan loonii yookaan Gaalaa intalaaf ni kennama. Kanaan boodas sooriyoon/loon aada saniif qalan/ korbeessa takkaarrii jedhamee korbeessi balbala keessatti qalama. Gurbaan fuudhuufi obboleessisaa walduraa duubaan korbeessa balbala keessatti qalame tarkaanfatanii gara mana ijaaramee kana seenu. Erga isaan seenanii booda namni hundi seenuu ni danda'a jechuudha.

Halkan sana namni hundinuu dargaggoota, shamarran, dubartootaafi warri dhiiraalleen sirba garaagaraa sirbanii taphachaa bulu. Galgala guyyaa tokkoffaa fuudha kanaa intala manatti galchanii gurbaa biratti fidanii waliin teessisuun aannan waliin unsiisanii akka dhugan godhu. Intalli heerumtu yoo unuu diddellee afaaniin tuqanii (qarruu aannanii afaan dibanii) intalaafi gurbaa hangasuma wal agarsiisanii intala garuma fidanitti biraa deebisu.

Sooriyoon biraa jibichi loonii miinyaa jedhamu tokko halkan san bulanii guyyaa akka borii ganama yoo ka'an qalama. Sooriyoo kana ollaan hundi dhufanii waliin nyaatanii eebbisu. Kanaan booda sirni fuudhaa haala kanaan raawwatamee maatiin gurbaa fuudhuu hardhas oolani

galgala guyyaa lammaffaa intala manatti galchanii gurbaa bira fiduun waliin teessisanii aannan waliin unsiisuun akka dhugan godhu. Intalli heerumtu yoo dhuguu diddellee afaaniin tuquun (qarruu aannanii afaan dibanii) ijoolleen misirroo lamaan akka waliin bulan walitti dhiisanii namni hundi biraa deemuun ollaa keessa iddoo biraa bulanii ganama dhufanii ilaaluun dubbisanii jila fuudhaa haala kanaan xumuranii ganama guyyaa sadaffaa ijoollee misirroo lamaan walitti dhiisanii biraa gara warra ofii deebi'anii galu. Waggaa muraasaaf ykn yeroo hanga gurbaan barbaade warra abbaa intalaa turanii booda godaanuu yoo barbaadan abbaa intalaa godaansa kadhataani buna qalachuun ollaa waamanii shaayii dhaabbachuun/ danfifachuun waliin nyaatanii dhuguun yoo hayyamameef godaananii gara warra maatii isaatti deebi'uun intalaafi gurbaan fuudhu waliin galu jechuudha.

- Al dabbana

Aldabbana jechuun gosa fuudhaafi heerumaa kan intalli gurbaan akka ishii fuudhuuf jaalattee ofumaan gara warrasaatti dhufuun akka heerumtu barbaaddu himattudha. Akka aadaa Oromoo Gabraatti intala haala kanaan dhufte ni fuudhan jechuudha.

- Buttaa

Buttaan gosa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gabraa osoo warra intalaa karaa aadaan itti dhufanii hin kadhatiin ykn osoo homaa hin beeksisiin fedhii intalaafi warra ishiitiin alatti humnaan butanii fuudhanidha.

- Dhaala

Kun dubartii duraan fuudhanii abbaan manaa ishii irraa du'e, namni abbaa manaa ishii du'e kanaan walitti dhiyaatu fuudhee haadha manaasaa godhachuun waliin jiraatudha. Fakkeenyaaf yeroo hedduu obboleessi dubartii obboleessisaa irraa du'e dhaalaan ni fuudha.

Walumaagalatti gosoonni fuudhaafi heerumaa gosoota Oromoo Gabraa Beerifi Orraasina jedhaman biratti baay'inaan beekaman kanneen armaan olii yoo ta'u, fuudhaafi heerumni akkaataa duudhaafi safuu hawaasaa kana eeggateen raawwatama. Fuudhaafi heerumni duudhaafi safuu hawaasaa kana cabsee argame aadmalee waan ta'eef adabbiin Karraa Mataan itti muramuun ni adabamu.

**Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa
Goomoleetiin**

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

**Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama**

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo
Qabsoo farra
malaammaltummaa
milkeessuuf hunduu
gaheesaa bahuu qaba

Duudhaa, safuufi Aadaan Oromoo naamusa gaariin kan guutamedha. Sirni addunyaa biratti dinqisiifannoo argatee akka hambaa kiliyaatti UNESCOtti galmaa’e sirna Gadaa keessatti mirgoonni namoomaafi dimookiraasii lammiiwwanii bakka guddaa qabu. Angafoonni ni kabajamu. Hanniifi sobni teeda ykn qaaniidha. Oromoon Afoolasaa keessatti horiin kan abbaa horee dubbiin kan abbaa dhugaa akka ta’u kadhata. Sirna bulchiisaa aadaa kana keessatti ummanni Oromoo naamusa gaariifi ilaafi ilaameetti ilmaansaa guddisa. Kun hanni, waliindhahinsiifi sobni iddoo akka hin qabaanne taasisaa tureera. Duudhaaleensaa kunis wal jaalalaafi wal kabajanii waliin jiraachuu kan jajjabeessanidhas.

Haata'u malee, yeroodhaa gara yerootti safuuwwan sirrummaa, qulqullummaa, qajeelummaafi amanamummaa kkf cimsan hir'achaa, al naamusummaan babal'achaa dhufuusaatiin adeemsa ummataaf tajaajila kennuu keessatti hojimaatonni badooniifi yakkoonni malaammaltummaa heddummachaa dhufaniiru. Yakkoonni malaammaltummaa gocha badii duudhaa ummataa faallaa ta'an kunneenis rakkoo hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa ta'uu bira darbanii birmadummaa biyyaarrattillee dhiibbaa guddaa kan qaqqabsiisanidha. Bakka malaammaltummaafi hojimaanni badaa babal'achaa, al naamusummaan hidda gadi fageeffataa deemanitti lammiiwwan mirgasaanii maallqaan bitachuuf dirqamu. Haqxi ni jal'ata. Qabeenyi muraasni jiru harka dhaabbileefi yakkamtoota dhuunfaa muraasaatti sassaabamuun hawaasni bal'aan miidhaaf akka saaxilamu taasisa. Garaagarummaan jireenyaa lammiiwwan gidduutti baayyee bal'achaa akka deemu godha. Jireenyi warra baayyee quucaraa kan murna xiqqaa saamicharratti bobba'anii ammoo guddachaa deema. Lammiiwwan gidduutti qoodinsi qabeenya biyyaa jeeqamaa ta'a.

Walumaagalatti malaammaltummaan xixiqqaanis ta’e gurguddaan sadarkaa kamittuu raawwatu farra guddinaati. Nageenyiifi bulchiinsi gaariin akka hin jiraanne taasisuudhaan lammiiwwan mootummaarratti akka amantaa hin qabaanne kan taasisudha. Waan kana ta’eef, hawaasa malaammaltummaafi hojimaata badaa baadhachuu hin dandeenye uumuudhaan diina waloo kana dhabamsiisuun ykn yoo xiqqaatee xiqqaate sadarkaa guddina biyyaatiif gufuu ta’uu hin dandeenyetti gadi xiqqeessuun barbaachisaa ta’a. Kun ammoo hojii qaamni tokko ykn mootummaan qofti hojjetee fiixa baasuu danda’u miti. Hirmaannaa qaamotii hawaasa hundaa kan gaafatudha. Waltumsuufi wal deggeruun waloon irratti duuluu gaafata. Kun yoo hin taane biyya badhaateefi magariisa osoo hin taane biyya hiyyeettii jireenya lammiiileesheetiif hin mijanne dhaloota dhaalchifna jechuudha. Kanaaf yakkoota malaammaltummaa ittisuuf gamtaan socho’uun murteessaadha. Hubannoo waliiniis qabaachuu barbaachisa. Kanaaf ammoo taateewwan akka Guyyaan Farra Malaammaltummaa idiladdunyaa akka biyyaafi naannootti kabajamanii carraa tokko ta’ee tajaajila. Guyyaan kun bara kana ergaa ijoo “Malaammaltummaan diina waloo keenyaa waan ta’eef gamtaadhaan irratti haa qabsoofnu!” jedhuun kabajamaa jira.

Kaayyoonsaas hawaasa malaammaltummaa baadhachuu hin dandeenye uumuudha. Dhaloota gidduutti naamusni gaariin akka dagaagu hubachiisuu, ummannii malaammaltummaa akka jibbu irrattis akka qabsaa'u dadammaqsuudha. Gama biraatiinis bulchiinsi gaariin mirkanaa'ee itti quufinsi lammiiwwanii akka dabaluuf gumaachuudha. Kun ammoo hirmaannaa qaama hawaasa hundaa waan gaafatuuf hunduu gaheesaa bahachuu qaba.

Walqixxummaa koorniyaa idileessuun badhaadhina eegalame milkeessuuf gahee guddaa waan qabuuf sektaroonni mootummaafi qooda fudhattoonni hundi ga'eesaanii ba'uu akka qaban dhaamame

Galaanaa Kumarraatiin

Walqixxummaa koorniyaa idileessuun
badhaadhina eegalame milkeessuuf
gahee guddaa waan qabuuf sektaroonni
mootummaas ta'e qooda fudhattoonni hundi
gaheesaanii ba'uu akka qaban Biiroon
Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii
Oromiyaa dhaame

Biirichi kana kan dhaame gamaaggama
raawwii hojiiwwan bara kanaa damee
idileessa koorniyaafi hojii tajaajila
lammummaatiin hanga ammaatti
hojjetamanirratti qooda fudhattoota waliin
Adaamaatti kaleesa geggeessrattidha.

Hoggantuu Itti Aantuun Biirichaa Aadde
Samiiraa Faaris akka jedhanitti biirichi
hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa
akkasumas mirgaafi nageenya daa'immanii
eegsisuuf bara kana hojiilee bal'aan
karoofamanii hojjetamaa jiru.

Haaluma kanaan, kurmaana lffaa keessatti
hirmaannaa dubartootaa dabaluufta
naannichatti dubartoota adda duree
373 adda baasuuf leensuun gara poolii
hoggansaatti akka dhufan ta'eera jedhan.
Kana malees, dubartoota naannichaa
hoggansarra jiran 4000 ta'aniifis leenjii
kennamu dubbataniiru Aadde Samiiraan.

Barmaatiilee dubartootarratti miidhaa
geessisan hambisuurrattis qooda fudhattoota
adda addaatiif leenjiin kennameera jedhan.

Dubartoonni dinagdeen of danda'anii rakkoo isaanirra ga'u akka ofirraa hambisaniif bara kana naannichatti dubartoota kuma 160 gurmeessuun hojiilee adda addaatti galchuuf karoorfamee hanga yoonaaatti dubartoota kuma 103 gurmeessuun hojiiwwan adda addaarratti akka bobba'an taasifamuu Aadde Samiiraan himaniiru.

Gama tajaajila lammummaatiinis harka qalleeyyii kuma 62fi 338f mana jireenyaa ijaaruuf karoorfamee karooraa ol kuma 62fi 473 ijaaruun harka qalleeyyiif kennameers jedhan.

Ba'aa harmeerraa haa buusnu ergaa
jedhuunis gaariin fardaafi harree 7553
bitamuun kennamuus himaniiru.

Kana malees barattoota harka qalleeyyii miliyoona 2.1f meeshaalee barnootaa bituun deggeruuf karoorfamee barattoota miliyoona 3.1 deggeruun danda'ameera jedhan.

Milkaa'ina argame keessatti gaheen
hawaasaafi sektarootaa guddaa akka ture
Aadde Samiiraan himanii waamicha kanaaf
owwaachuusaaniif galatat malaaf jedhan.

Milkaa'inoonni argaman gaarii ta'anis

sadarkaa barbaadamuun quubsaa waan hin taaneef hojiilee koorniyaa idileessuuf hojjetamanis ta'e tajaajila lammummaarratti tumsi qooda fudhattoota cimee itti fufuu akka qsbu Aadde Damiiraan dhaamaniiru.

Mirgaafi nageenya daa'immanii eegsisuufis
hunduu gaheesaa bahachuu qaba jedhanniru.

Hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuun alatti badhaadhina milkeessuun waan hin yaadamneef sektaroota mootummaa keessatti dhimmi idileessa koorniyaa xiyyeeffannaa guddaa argachuu akka qabu kallattiin kaa'ameera.

Hirmaattonni marichaas yaada kennaniin
hojjichaaf xiyyeeffannaa kennanii kan
hojjetan ta'uu waltajjicharratti himaniru.

Hojii hojjetamu kamuu karooraan
hogganuufi hogganamuun imala
badhaadhina biyya keenyaa saffisiisuun
fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuu
keessatti shoora olaanaa qaba jedhame

Hojii hojjetamu kamuu karooraan
hogganuufi hogganamuun imala
badhaadhina biyya keenyaa saffisiisuun
fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuu
keessatti shoora olaanaa qaba jedhame

Biiron dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa
gamaaggama raawwii hojii ji'a shanii
Godinootaafi Magalotaafi Aanaalee hunda
hirmaachise Adaamaatti geggeessaa jira.

Waltanjii gamaggamaa kana kan
jalqabsiisan Hogganaan Biirichaa Obbo
Maatiyoos Sobbooqaa dargaggoonni humna
diinagdee biyya ijaaruun walabummaa
mirkanessuufi humna misoomaa ta'uu
himuun dargaggoota gurmeessuunis egeree
isaaniif murteessaa ta'uu himaniiru.

Dargaggoonni humna badhaadhina
mirkaneessu waan ta'aniif rakkoowwan
gufuu dargaggootaa ta'an furuuf
xiyyeeffannoo kennuun qindoominaa
sadarkaa sadarkaan furuuf Biirtoon
dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa hojjechaa
akka jiraachuu eeraniiru.

Giddu galli dargaggootaa dhabamuun dargaggoonni araadaan qabamanii iddoo isaaniif hin malle ooluun gufuu guddina biyyaa waan ta'eef isa kana hundeermaa furuun murteessaa ta'uu obbo Maatiyoos himaniiru.

Dargaggoon qophaayee balballi Addunyaa banaadha, kan hin qophoofneef balballi mana isaa iyyuu cufaa dha." G/pirofesaraa Miratuu Shaanqoo haasawa onnachiiftuu gaggesitoota biiroo dargaggootaa fi jaarmiyaa dargaggootaf taasisan irraa kan fudhatame.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Caalbaasii

R/Himattuun Aadde Indaalsh Nuguseefi R/Himatamaan Obbo Dajanee Taffarraa jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Gobeessaa ganda 02 keessatti kaaree meetira 200 irratti argamu manni lafa kaaree meetira 148 irratti qubatee mana kutaa afur (balbala afur) ijaaramee jiru maqaa R/Himatamaa kanaan galmaa’ee jiru gatii tilmaama yeroo ammaa jiruun ka’umsaa caalbaasii qarshii 504,899.⁴⁸/100tiin gaafa 22/04/2016 sa’aatii 3:30 - 8:30tti iddoo manichi argamutti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan ka’uumsa caalbaasii irraa ¼ Cpodhaan Baankii daldaalaa Itoophiyaa Damee Gobeessatti qabsiisuudhaan sa’aatii fi guyyaa jedhametti CPO kana qabattanii dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/ Magaalaa Asallaa.

Buzuu Girmaa Magaalaa Asallaa ganda 10 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 10172/197/98 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Sh/Hasan Kadiir Kaartaa Lakk.isaa 0413264 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka buufnee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Aadde Diiree Xahaa Kaartaa Lakk.isaa 0548212 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka buufnee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Baale

Obbo Bakar Abdulqaadir Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa mana jireenyaa Lakk. Galmee B-2250 fi Lakk.Kaartaa isaa 3081/2008 kan ta’e maqaa isaaniin Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti galmaa’ee argamu hafteen isaa mana galmee keessaa yeroodhaaf waan dhabameef galmeen biraa kka banamuuf gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti WLM/Roobeetti akka dhiyaatanii beeksifan, yoo hin dhiyaatiin Galmee yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Mulugeetaa Argaawu mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Karaa B/Bu’aa isaanii Naggaa Mulugeetaatiin Obbo Malaakuu Aragaawutti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Warqee Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Taaddalaa Shungureetti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Bilisxee Girmaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Masarat Abaataatti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Amaanee Tiyyad Caamaa mana daldaalaa Magaalaa Gooroo Ganda 02 keessatti bali’inni lafa isaa 125M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Jibiriil Qaasimitti waan gurguraniif gurgurtaan kun nuuf haa mirkanaa’u jedhanii iyyataniiru.kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Geetiyee Dammaqaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Biriyyee Sidallilitti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo H/Muhaammad Gadaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo Ganda 01 keessatti bali’inni lafa isaa 250M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Rahaamaa Aloo Ganboofi Oromiyaa, Keebeekiifi Sabboonaa Abdulwahaab Awwal Sayiditti waan gurguraniif gurgurtaan kun nuuf haa mirkanaa’u jedhanii iyyataniiru. kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Obbo Seefuu Ahimad Magaalaa Gindhiir ganda Odaa kan ta’an Nagahee Mirriittii Lafaa mana jireenyaa Lakk.isaa 1320913 ta’ee maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Obbo Reeduwaan Muhamud Magaalaa Gindhiir ganda Odaa kan ta’an Nagahee Mirriittii Lafaa mana jireenyaa Lakk.isaa 338173 ta’ee maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Obbo Umar Bakar Magaalaa Gindhiir ganda E.Waarii kan ta’an Nagahee Mirriittii Lafaa mana jireenyaa Lakk.isaa 858557 ta’ee maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Iyyattuun Aadde Mareemaa Muhaammad mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu obbo Geetinnat Mangistuutti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Aadde Nafiisaa Ibraahiim Abdoo mana jirrenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1034/2016 ta’eefi Lakk. Seerii 0678342 ta’e bali’inni lafa isaa 350M² irratti argamu Obbo Sh/Jamaal H/Ahimad Muhaammaditti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Obbo Mu/Haabib Mu/Huseen Duubee mana Jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk.Seerii 0487518 Lakk.kaartaa isaa 755/2014 kaaree meetira 400M² ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu akkuma jirutti dabarsanii Obbo Zawudee Abdii Odaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Obbo Umar Abduljabbaar Kadir mana Jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk.Seerii 0678352 Lakk. kaartaa isaa 1037/2016 kaaree meetira 300M² ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu akkuma jirutti dabarsanii Obbo Bultii Kadir Adamtti gurguratanii maqaan akka jijjiiramu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Booranaa


Obbo Kiyaar Kadiir Bayiir Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 kan ta’an waraqaa ragaa qabeenyummaa Orjinaala Lakk.430/99 ta’e lafa kaareemeetira 2266.24 ta’e irratti argamu waan jalaa badeefi haaraan akka bakka bu’uuf gaaffii waan dhiyesaniif mormii yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Najaa Kamaal Yusuuf fi Zeeyitunaa Rashadii qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 1357/BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 200 irratti argamu maqaa isaniitiin galmaa’ee kan beekamu Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 02 keessatti argamu Obbo Musxafaa Ibiraahimitti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Awwal Qasim Qexuu B/B Obbo Fiqaaduu Saatanaa Dubee qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 9270/BMN/01/01/02 ta’e lafa kaareemeetira 160 ta’e maqaa Awwal Qasim Qexuutiin kan beekamu Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu Immabeet Makuriyaa Barraaqootti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Salaaymaan Jirmoo Qabeenyummaa isaanii kan ta’e Mana Jireenyaa lakk.Saayit pilaanii 410/BMN/01/01/01 Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Girmaa Alamaayyahutti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gabraa

*Dh*alli namaa kamiyyuu durirraa kaasee wantoota bu’uuraa aadaafi eenyummaa ofii ittiin calaqqisiisu qaroomina, beekumsaafi muuxannoo waliin jireenyaa dhalootaa dhalootatti dabarsu qaba. Maanguddoonni Oromoo yommuu eebbisan “Ilmi ga’e haa fuudhu, intalli geesse haa eerumtu” jedhu. Kanaaf akka aadaa Oromootti daa’imman dhalatanii guddatanii yeroo umriinsaanii fuudhaaf dhaqqabe ni fuudhu intallis ni heerumti. Hawaasicha birattis fuudhaafi heerumni kabajaa guddaa qaba. Iddoo guddaatis kennamaaf. Sirni inni ittiin raawwatamus gaa’ela jedhamuun beekama. Sirni gaa’elli ittiin raawwatamu kun biyyaa biyyatti, sabaa sabatti, bakkaa bakkatti garaagarummaa ni qabaata.

Bu’uuruma kanaan barreeffama kana keessatti akkaataa ummanni Oromoo Gabraa sirna gaa’elaa ittiin raawwatu ykn aadaa fuudhaafi heerumaa isaa dhiyeessina. Oromoon Gabraa gosa Oromoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Gujii, Gujii Lixaa, Boorana, Boorana Bahaafi biyya ollaa Keeniyaa keessa qubatee jiraata. Jiruufi jireenyisaa harki caalu horsiisa looniirratti kan hundaa’edha.

Oromoon Gabraa akkuma ummata Oromoo isa bakka biraa jiraatuu sirna Gadaatiin kan bulu yoo ta’u, aadaafi duudhaa sirnoota garaagaraa itti raawwatatu keessaa tokko aadaa fuudhaafi heerumaati. Gosti Oromoo Gabraa bakka 2tti qoodama. Isaanis Beeriifi Orraasina jedhamuun beekamu. Sirni fuudhaafi heerumni ummata kanaas aadaafi duudhaasaa eeggatee bifa adda addaatiin raawwatama. Gabrii aadaa fuudhaafi heerumaa bifa garaagaraa qaba. Isaan keessaa gurguddoon Afur yommuu ta’an, isaanis: Eddoo (Kadhaa), Al dabbanaa, Buttaafi Dhaala.

Kadhaa (Eddoo)

Kadhaa kan jedhamu mucaan fuudhaaf gahe intala heeruma geesse kadhachuun kan fuudhu (alkumatuu) dha. Warri mucaa gara warra intalaa jaarsa erguun intala gurbaasaanitiif gaafatu. Akka aadaa ummatichaatti gurbaan dhiiraa tokko yommuu umriinsaa fuudhaaf ga’u abbaafi haatisaa intala bultiif isaa taatu qoratanii adda baasuun jaarsa erganii guyyaa tokkoon booda akka intalasaanii kadhaa dhufan dursanii himatu yookan dhaamsa dabarfatu. Kadhaa kanas yeroo sadiif itti deddeebi’anii jaarsa ergatu.

- **Kadhaa tokkoffaa**

Yeroo kadhaa tokkoffaa kana maanguddoon kadhaaf

gara warra intalaa deeman waan barbaachisu kanneen akka bunaa, tamboo, magaadoo/soogidda, sukkaara, majaanii (baala shaayii), wayyaa ykn uffata haadhaafi abbaa intalaa, obboleeyyanshii kan dubaraafi firaa fiixaa ishii kanneen akka adaadaa/areeraa (obboleettii haadhaafi abbaa) ishiif kennamu qabatanii warra intalaa dhufuun bakka tokkotti haadhaafi abbaa ishiitti kennu. Yeroo kanas ollaa waliin buna qalatanii waliin nyaatanii dhuguun waan qabatanii dhufan hunda hoo daraaraa daraari jechaa ollaadhaaf qoodanii booda intala teessan kadhaa dhufnee nuu kennaa jedhanii gaafatu. Yeroo kadhaa jalqabaa kanatti intala keenna kennuu hin feenu jedhanii warra kadhaa dhufe kana keessummeessuu hin didani. Intalli firaa fiixaa hedduu qabdi waan ta’eef isaan waliin mari’anna jedhanii deebisuufi.

- **Kadhaa lammaffaa**

Yeroo kadhaa lammaffaas akkasuma waan barbaachisu buna, tamboo, magaadoo/soogidda sukkaara, majaanii (baala shaayii), wayyaa yookaan uffata haadhaafi abbaa, obboleeyyanshii kan dubaraafi firaa fiixaa ishii kan akka adaadaa/areeraa ishiif kennamu qabatanii warra intalaa dhaquun bakka tokkotti warra ishii yookan haadhaafi abbaa ishiitti kennu. Yeroo kanas akkuma aadaatti ollaa waliin qalatanii, shaayii dhaabbachuun/ danfisuun waliin nyaatanii erga dhuganii booda waan qabatanii dhufan hunda hoo daraaraa daraari jechaa ollaadhaaf qooduun intala teessan nuu kennaa jedhanii jaarroleen/maanguddoon gaafatu. Yeroo kadhaa lammaffaa kanatti namni kennuu barbaadu isinii kennineerraa eebbisaa jechuun kenna. Kan kennuu hin barbaanne immoo intala teenna waan hin kennineef qabnaa isin dhoowwanne jechuun diduu danda’a.

- **Kadhaa sadaffaa**

Inni kun kadhaa fuudhaa kan jedhamudha. Yeroo kadhaa sadaffaa kanas akkuma kadhaa tokkoffaafi lammaffaa waan barbaachisu qabatanii deemuun fuudha kadhatu. Yeroon fuudhaa yoom akka ta’uu qabu walmari’atu jechuudha. Yeroo kanatti wantoonni qabatanii warra intalaa dhufan kanneen kadhaa tokkoffaafi lammaffaa biratti qarshii ijaarsa mana dasee (mana aadaa)tiif oolu Munnaana kan jedhamu firaafi fiixaa warra intalaaf kan kennamu qabatanii dhufuun warra isheetti kennu. Kanatti aansee yeroon qabamee itti qophaa’uun sirna fuudhaaf warri gurbaa intala fuudhuuf Gaala fe’atanii gurbaa fuudhu waliin gara warra intalaatti deemanii manni dasee intalaafi gurbaan itti wal fuudhaan

qe’ee warra intalaatti ijaaramuun sirni fuudhaa ni raawwatama.

Oromoo Gabraa biratti ji’a fuudha itti raawwataniifi hin raawwanne waan jiruuf maanguddoonni guyyaa fuudhaaf ta’a jedhan ayyaana fuudhaa ilaallatanii murteessuun sirni cidha itti raawwatan ni qabama. Fakkeenyaaf akka aadaa ummatichaatti baatiin sirni fuudhaafi heerumaa itti raawwatamu ji’a Dakkaa, ji’a Soondheera Qaraafi ji’a Soondheera eegee jedhamuun beekamu. Gurbaan fuudhu yeroo warrasaatii bahu waan barbaachisu Gaalatti fe’atanii gara warra intalaatti deeman osoo manni warra intalaa fagooyyuu ta’uu baatee halkan tokko bulan malee guyyaa tokkoon hin dhaqqaban. Guyyuma warra gurbaatii bahaniin warra intalaa dhufuun duratti guyyaa lammataa ganama jaarsa nama tokko yookaan lama of dura ergu. Jaarsoleen of dura ergan kun Warsheeqaa/Qaalluu/ jedhamu. Warsheeqaa jechuun maanguddoota warra intala heerumtuu deemuun warrasheettiin dhufaa jirraa qophaa’aa nu eegaa jedhanii ergaa himanidha. Warri intalaas bunaafi sukkaara qabatanii dhufan irraa fuudhanii buna qalachuun nyaatanii eebbisu. Namoonni warra fuudhaaf deeman dursanii warra intalaa dhaqqaban kunis fuudhaaf dhufaa akka jiraniifi yeroo itti dhaqqabuu danda’an ni himu. Warri fuudhaaf warra intalaa kana dhufan yoo dhaqqabuuf jedhan ollaan hundi ba’ee karra warra abbaa intalaa dura dhaabbachuun simata.

Dubartoonni fuudhaaf gurbaa waliin dhufan hundi mallattoo dubartoota warra kaan irraa adda ba’aniin quncee muka dhaddacha adii halluu gurraacha qubaan tuttuqanii barreessan addarratti akka sabbataatti hidhatu. Yeroo isaan dhufanii warra intalaa dhaqqaban dubartoonni warri ollaa kan simachuudhaaf karra warra intalaa dura dhaabbatanii jiran “Mee daraaraan? Mee ukoon? kennaa daraaraa” jechuudhaan daqiiqaa muraasaaf karra keessa dhaabbatanii ittisu. Daraaraan jedhamu kun waan akka tamboo, magaadoofi kkf yoo ta’u, dubartoonni karra warra intalaa dura dhaabbachuun dubartoota fuudhaaf gurbaa fuudhu waliin dhufanirraa yoo danda’an humnaan daraaraa irraa fudhatu, yoo humnaan irraa fudhachuu dadhabanis kokkolfaa kennaa daraaraa jedhuuni. Kanaan booda isaanis daraaraa gaafataman “Hoo daraaraa!” jechuun itti kennu. Isaan fudhatanis “Namaa sa’aan daraari” jechuudhaan eebbisuun duraa goranii gadhiisu. Dubartoonni fuudhaaf dhufan

Gara fuula 2tti

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Buunnoo Beddellee

Obbo Marshaa Maammoo mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01 (Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 1105/2001 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 216M² irratti argamu Obbo Dassaalenyi Mangashaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Siraaj Huseen Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii naannoo G/Galeessaa keessatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaaniitin galmaa’ee argamu Lakk. Kaartaa isaa MML-0440/2016 ta’e Obbo Abdoo Kamaalitti gurgurachuuf waan barbaadaniif, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Mgaalaa Gachii.

Obbo Indaalkaachoo Dhalateeraa Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii naannoo Roob gabaa keessatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaanitiin galmaa’ee argamu Lakk. Kaartaa isaa MML-0131/2011 ta’e Obbo Daawud Arfaasaatti gurgurachuuf waan barbaadaniif, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Mgaalaa Gachii.

Obbo Eeliyaas Tashoom mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01 (Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4879/2015 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 160M² irratti argamu Obbo Shibbiree Shibbiruutti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Zinaabuu Wandimmuu Taganyiitiif Bakka Jirtanitti
Himataan Abbaa Alangaa Godina Buunnoo Baddeelleefi Himatamaa isin jidduu yakka daldaalaa seeraan alaa raawwachuu jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/04/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Godina Buunnoo Beddellee Dhaddacha Yakkaa.

Gujji

Aadde Worqazab Axilaawu Taammiree mana jireenyaa Lakk.isaa ---- ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda O/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 658/10 ta’e Obbo Geetuu Eeyyoo Dabalaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Gesixii Attaalay mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 278.5M² irratti argamu Obbo Qabaataa Baqqalaa bakka bu’uumadhaan dabarsanii Obbo Baqqalaa Dongiitti gurguree jira jedhaniiru. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Gesixii Attaalay mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 279.98M² irratti argamu Obbo Qabaataa Baqqalaa bakka bu’uumadhaan dabarsanii Obbo Baqqalaa Dongiitti gurguree jira jedhaniiru. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Shaakkisoo.

Kallacha Oromiyaa

Obbo Yohaannis Tasammaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 212.8M² irratti argamu Aade Wasanee Girmaatti gurguree jira jedhaniiru. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Addisuu Maammoo mana Jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 200M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Baqaaluu Tashoometti gurguradheera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Hikmaa Safaat mana Jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa isaa 165M² ta’e irratti argamu dabarsanii Aadde Xurunesh Gellootti kenneera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Addisuu Dooyyoo Bonayyaa mana Jireenyaa Lakk.isaa OR046010613004 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5069/14 ta’e Obbo Barraaqoo Nuuree Hoxxeessaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Ballaxaa Tasfaayee Mirkaa mana Jireenyaa Lakk. isaa Aw/God/087 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4247/13 ta’e Eermiyaas Taayyee Tafarraatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Harargee

Obbo Jamaal Mahaammadiitiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Abdusalaam Mahaammad Aliyyeefi waamamaa isin jidduu falmii hayyamsiisa Oliyyataa yeroon itti darbee jiru ilaalchisee Himatamaan beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 8:00irratti dhiyaatee deebiisaa akka kennee falamatu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/H/Lixaa.

Iluu Abboo Boor

Obbo Dibaabaa Amantee fi Aadde Warqinesh Ayyalee mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 1041/G-02/2009 ta’e Lafa bali’inni isaa 500M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila iddoo CO ta’e Obbo Mitikkuu Dibaabaatiif kennineeraaf waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Zabiibaa Abdallaa mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Bilbilaa ganda 01 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti argamu Obbo Najaat Xahaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Sadaasa 27 bara 2016

Obbo Muhiddiin Yasuuf mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa jiru maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Dhu/639/2016 Obbo Isheetuu Kaasahuunitti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Rufaa’eel Zarihuun mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 1474/03/2012 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 210M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo CO ta’e argamu Obbo Zabanuu Asaffaatti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Indaalee Ijjiguu fi Aadde Yeshihaareg Mangistuu mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4022/01/2015 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo R1 ta’e Obbo Moonaa Qajeelaatti Gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Taaddalee Maammoo fi Aadde Kibbituu Araggaa mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Sayyaa keessaa qaban maqaa Obbo Taaddalee Maammootiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 959 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 500M² kan ta’e keessaa kaaree meetira 240M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo --- ta’e tajaajila iddoo mana jireenyaa Obbo Taaddelee Doftaritti Gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Alamaayyoo Huseeniifi Aadde Addisee Gabayyoo mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa Obbo Alamaayyoo Huseeniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4510/02/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 400M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo R1 ta’e Obbo Abayaziid Abdallaa fi Aadde Moominaa Ibraahimtti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Biruuk Fidaa mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda 01 keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4527/01/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa karee meetira 157M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu karaa bakka bu’ummaa Obbo Abineezer Girmaatiin Obbo Ashannaafii Makuriyaatti Gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Maqoyyaa Mangistuu fi Aadde Melkaam Mitikkuu mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessaa qaban maqaa Obbo Maqoyyaa Mangistuutiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 514/03/2007 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 422M² kan ta’e keessaa kaaree meetira 220M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 3^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo EA ta’e Obbo Mahaammad Kamaalitti Gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Mogos Zallaqee fi Aadde Xeenayee Guwaaddee Nigaatuu mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 384/02/2004 ta’e Lafa bali’inni isaa kaaree meetira 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo BA ta’e Aadde Hanaan Kadiritti Gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Jimmaa

Aadde Mardiyaa A/Luleessaa kaartaa Lafa duwwaa Lakk. isaa 5500/2004 tajaajilli isaa mana jireenyaatiif maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda H/Mantinaa keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii

R/Himataan Obbo Mahaammad Ibraahimiifi R/Himatamtoonni 1^{ffaa} Aadde Ma’aazaa Hayiluu 2^{ffaa} Obbo Sayifuu Simaa jidduu falmii H/Hawaasaa raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee mana jireenyaa maqaa R/Himatamtuu 1ffaatiin Magalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Naannoo Aanaa Malkaa Gafarsaa keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa BUR/9155/2002 Lakk. Bilookii 7,Lakk. Parselii 10 ta’eefi lafa bali’inni isaa kaaree meetira 105 irratti ijaaramee jiru ka’umsaa caalbaasii qarshii 5,625,986.⁶³/100tiin gaafa 01/05/2016 sa’aatii 4:00 - 6:00tti iddoo manichi argamutti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan ka’uumsa caalbaasii irraa ¼ COODhaan qabsiisuudhaan iddoo, sa’aatii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Mgaalaa Shaggar.

Obbo Antanah Salamoon Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk.isaa 1852727 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Sululta.

Obbo Girmaa Tafarii Nagahee mirriitii mana jireenyaa Lakk.isaa 1852917 ta’e maqaa Aadde Simanyi Nibiratiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Sululta.

Obbo Abdulmannaan Abdulaxiif Nagahee Lakk. isaa 172842 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

WAAMICHA CAALBAASII

Lakk.Caalbaasii

 Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa ijaarsa gamoo waajjiraa Abbaa Darbee Lamaa (G+2) Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Kibba Lixaaf Magaalaa Wolisootti ijaarsisuuf dorgomtoota ulaagaa guutan caalbaasiif affeera.

- Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Gamoo Abbaa darbii lamaa G+2 Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Kibba Lixaaf ijaarsisuuf Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa bajata waggaa lama (2016-2017)tti hojiirra oolu aragteera
- Biirichi kontiraaktaroota ulaagaa gosa waliigalaa ykn kontiraaktaroota ijaarsaa BC-4 ykn GC 5 fi isaa ol ta’an hunda **kan hayyama isaanii bara 2016 E.C haaromfame fi meeshaalee fi humna namaa ijaarsaaf barbaachisoo ta’an dhiheessee ijaarsa Gamoo kana raawwachuu danda’an affeera.**
- Dorgomtootni Sanada caalbaasii bitachuu barbaadan iyyannoo barreeffamaa dhiheeffachuun fi kaffaltii hin deebine qarshii 2000 (kuma lama) lakk baankii daldala Itoophiyaa 1000007341869 irratti galii godhanii nagahee qabachuun **guyyaa beeksifni jalqabaa gaazexaa irratti bahe irraa eegalee hanga guyyaa dhumaatti**guyyaa fi sa’aatii hojii mootummaatti Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa irraa bitachuu ni danda’u. Dorgomaan “VAT” fi ragaa galmee TIN, hayyama daldalaa seera qabeessa ta’ee fi ragaa galmee seera qabeessa ministeera konistiraakshinii ykn Abbaa Taayitaa konistiraakshinii Oromiyaa biratti fudhachuuf galmaa’uu qaba, iyyata waliin dhiyaachuu qaba.
- Dorgomtoonni odeeffannoo dabalataa argachuu, sakatta’uu fi sanada caalbaasii, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa irraa argachuu ni danda’u.
- Caalbaasiin hundi wabii caalbaasii Wabii Baankii Haalduree Hin Qabne **500,000** (Birr kuma dhibba shan) guyyaa caalbaasiin yaada itti kennamee booda guyyoota 120f kan hojjetu ta’uu qaba, Wabii caalbaasiitiif Birriin 500,000 bifa Wabii Baankii Haalduree Hin Qabnen Maqaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaan dhiyaachuu qaba.
- Caalbaasiin akkaataa hojimaata caalbaasii biyyoolessaa banaa labsii bittaa mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalaa Itoophiyaa keessatti argamuun kan gaggeeffamu yoo ta’u, dorgomtoota ulaagaa guutan hundaaf banaadha kunis (Sadarkaa lama: Sadarkaan jalqabaa madaallii duraa fi teeknikaa dha & lammaffaan. sadarkaa :- madaallii faayinaansii dha).
- Tuutni sanada caalbaasii afaan Oromiffaan guutuu ta’e dorgomtoota fedhii qabaniin bitamuu ni danda’a, iyyata barreeffamaa, waraqaa ragaa galmee VAT, Ministeera Ijaarsa ykn Abbaa Taayitaa Ijaarsa Oromiyaa dhiyeessuu irratti ragaa galmee haaromfame, waraqaa ragaa galmee daldalaa haaromfame, hayyama daldalaa haaromfame, Ragaa galmee kaffalaa gibiraa fi gibira Qulqulleessuun Biiroo Galii Oromiyaa Ykn ERCA irraa fi EGP keessatti galmaa’uun teessoo armaan gaditti ibsamee fi kaffaltii hin deebine birrii Itoophiyaa 2000 (kuma 2000) Herrega baankii armaan olitti ibsametti fiduudhaan nagahee gara Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hanga guyyaa hojii 21ffaa fi sa’aatii hojii guyyaa beeksisa jalqabaa gaazexaa irratti jalqabe irraa eegalee sa’aatii hojiitti haa ta’u Wiixataa hanga Jimaataatti.

a. dhiyeessuu fi baniinsa caalbaasii

- Yeroon xumuraa caalbaasii (gahumsa teeknikaa fi dhiyeessii faayinaansii of danda’ee) dhiyaachuun guyyaa hojii 22ffaa sa’aatii biyya keessaa sa’aatii 4:00 ykn sana dura guyyaa jalqaba gaazexaa irratti beeksise irraa eegalee ta’a. Guyyaan digdamii –lammaffaan guyyaa hojii yoo hin taane, guyyaa hojii battalumatti itti aanu ta’a.
- Orijinaalli fi waraabbii sanadoota gahumsa teeknikaa adda addaan envelope cufame keessatti “Orijinaal fi waraabbii sanadoota gahumsa teeknikaa” jedhamee mallatteeffame keessatti kan kaa’amuu fi envelope lamaan envelope alaa guddaa keessa kaa’amee cufamuu qaba. Enveloppiin alaa kun teessoo dhiyeessii fi odeeffannoowwan biroo waraqaa ragaa caalbaasii irratti agarsiifaman kan qabu yoo ta’u, “KOREEN CAALBAASII IRRATTI QOFA BANAMU” jedhamee ifatti kan barreeffame yoo ta’u, Wabii Caalbaasii sanada teeknikaa orijinaala waliin ni kaa’ama.
- Orijinaalli fi kooppiin sanadoota dhiyeessii faayinaansii addaan baafamee envelope cufame keessatti kan mallatteeffame “Orijinaal fi Koppii Sanadoota Dhiyeessii Faayinaansii” jedhamee kan mallatteeffame yoo ta’u, envelope lamaan envelope alaa guddaa keessa kaa’amee cufamuu qaba. Enveloppiin alaa kun teessoo dhiyeessii fi Odeeffannoowwan biroo waraqaa ragaa irratti agarsiifaman kan qabu yoo ta’u, “Bakka Koreen caalbaasii jirutti qofa banama” jedhamee ifatti kan barreeffame ta’uu qaba.
- Lamaanuu Piropozaala Teeknikaa fi Faayinaansii fi waraqaa caccabsa baasii envelope adda ta’e keessatti Envelope haadha tokko keessa kan kaa’amu yoo ta’u envelope alaa kun teessoo dhiyaannaa fi Odeeffannoowwan biroo waraqaa ragaa irratti agarsiifaman kan qabuu fi “Bakka jirutti qofa banamuu kan qabu ta’uu qaba kan Koree caalbaasii”.
- Chaappaa, mallatteessuu fi mallattoon caalbaasii akkaataa qajeelfama qajeelfama dorgomtootaatiin ibsameen ta’uu qaba
- Sanada caalbaasii qopheessuu keessatti dorgomtoonni ragaa caalbaasii sanada caalbaasii keessa jiru qorachuun irraa eegama.
- Sanadni ulaagaa guutuu guyyaa beeksisa jalqabaa guyyaa Hojii irraa eegalee guyyuma sanatti sa’aatii biyya keessaa sa’aatii 4:30tti guyyaa 22ffaa ni banama. Guyyaan digdamii –lammaffaan guyyaa hojii yoo hin taane, guyyaa hojii battalumatti itti aanu ta’a.
- Sanadni dhiyeessii faayinaansii cufamee kan turuu fi saanduqa kanaaf qophaa’e keessatti bakka odiitarri ykn qaamni maamilchi hayyamame kamiyyuu jirutti, hanga dhiyeessiin faayinaansii (S) dorgomtoota gahumsa qaban beeksisa banamutti ni qabaata.
- Koreen maamilaan ramadame bu’uura deebii kennuu isaanii sanada caalbaasii irratti hundaa’uun gahumsa dorgomtootaa ni madaala, ulaagaa madaallii guutuu qaba, waraqaa ragaa caalbaasii keessatti ramadame hojiirra oolchuudhaan, Dorgomaan sadarkaa kanatti ni kufa yoo ta’e sanada caalbaasii irratti deebii hin kennu yookiin walsimsiisaa teeknikaa isa xiqqaa sanada caalbaasii irratti himatame galmaan gahuu dhabuu isaati.
- Dhiyeessiin faayinaansii dorgomtoota ulaagaa Teeknikaa ulaagaa guutan ykn Fitted fi isaa ol ta’an qofatu guyyaa banamuu faayinaansii ni banama. Faayinaansii baname dorgomtoota ulaagaa guutuu hin qabne (i. e Ulaaga guutuu qabaachuu qaba osoo hin banamin ni deebi’a). Maamilchi guyyaa fi sa’aatii banamuu faayinaansii dorgomtootaaf ni ibsa.
- Sanada sobaa (sobaa) fi / yookiin sanada gahumsa teeknikaa irratti dhiyeessii faayinaansii agarsiisuuf yaaliin yoo godhame caalbaasichi akka kuffisu ni taasisa.
- Maamilchi “Sanada Gahumsa Teeknikaa” “Sadama Dhiyeessii Faayinaansii” envelops keessatti dogoggoraan kaa’amuu ykn faallaa kanaatiin, kan dorgomaan diduu fiduuf itti gaafatamummaa fi itti gaafatamummaa hin fudhatu.
 - Hojiirra oolmaan caalbaasichaa guyyaa caalbaasiin baname irraa eegalee guyyoota kaalaandarii 120 ta’a.
 - Ijaarsi hojii guyyaa hojiin jalqabame irraa eegalee hanga guyyoota kaalaandarii 390 (Dhibba sadii sagaltamii) ta’een kan xumuramu ta’a & haalli mijataan yoo jiraate (baajata guutuu qabaachuu) maamilchi guyyaa hojiin xumurame xiqqeessuu ni danda’a.
 - Kontiraaktaroota hojii harkaa qaban adeemsi hojii fiizikaalaa %70 ol guutuu ta’uu fi ragaan Maamila pirojektootaa irraa walitti qabamuu qaba.
 - Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa caalbaasii kamiyyuu ykn hunda fudhachuu ykn diduudhaaf mirga qaba. Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. **Bilbilaa:- 01115224282 ykn 115508152 irratti bilbila Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, Oromiyaa Finfine**

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Baqataa cichee hojjechuun namoota biroof carraa hojii uume

Birhaaneen bara 2010 bakka dhalootasaa Aksum dhiisee yeroo biyyaa bahu jireenya fooyyeen argadha jedhee abdachuun ture.

Osoo biyyaa hin baqatiin dura hojii ittiin of bulchu qaba ture.

"Hojii qaba; hojiin ani qabu na gaha" jedhee qofa akka hin dhiifneef sababan qaba" jedhe.

"Haalli waan natti jajjabaateef jechan baqadhe" jedhe sababa baqateef yeroo himu.

Suuqqii sibiila itti gurguruufi mana nyaataa xiqqaa tokko qaba ture. Garuu hojjechuu hin dandeenye.

Dhiibbaan bulchiisa mootummaarraa natti jabaateen baqadhe jedhe.

Obboleessikoo "ni wareegame, anillee waraana Itiyoo-Ertiraarratti hirmaadhe" jedhe.

Anaaf garuu qaamni biyyakoo keessatti akkan hojjedhu naaf eeyyame hin turre," jechuun biyyaa baqachuu ibsa.

Gaafa biyyaa baqachuuf ka'u hiriyootaafi maatiisaa hojicha dhiiftee eessa dhaqxa jedhani gaafataa akka turan dubbata.

Birhaaneen Awurooppaa akka deemu hiriyootasaatti himaa ture.

Dhumarratti qabeenyasaa hunda gurguree biyyaa baqate.

Birhaaneen maatiifi naannoosaa dhiisee deeme. Garuu akka hiriyootasaatiin "Awurooppaan dhaqa" jedhe osoo hin taane, Jibuutiirraan karaa seeraan alaa gara Yamaniifi Saa'ud Arabiyaatti imale.

Birhaaneen akka carraa ta'ee imala ijibbaachisaa keessa darbuun Yaman qaqqabe.

Imala namoonni hedduun sababa dheebuufi beelaan karaarratti hafan darbee Yaman qaqqabe.

Hidhattootaafi kiyyeessitoota qurxummii seeraan-alaa bira darbee Yaman erga qaqqabee booda jireenya qormaanni itti heddammatu durasaa jiraachuu hin yaadne.

"Ani nama jireenya koo keessatti cimee hojjechuutti amanu waanan ta'eef achittis hojii hin dhabne. Dhaabbata guddaa tokkootu na qacare. Hojjettoota 300 ta'aniin hoggana ture. Jireenya gaarii jiraadha, konkolaataas qaba ture," jedha.

Yamaniitti eeyyama hojiifi jireenyaa seera qabeessa argachuun waggoota hedduuf hojjechaa kan ture Birhaaneen, waraanni Yamaniitti hammaachuu hordofuun baqattoonni gara biyyasaaniitti deebi'uuf carraa argatan.

Sana booda Birhaaneen maatiisaa wajjin dooniidhaan gara Jibuutiitti deebi'e.

"Baqattoonni hedduun bidiruudhaan deebi'an. Yeroo sanatti Ministirri Dhimma Alaa Itoophiyaa Dr. Tewoodroos Adihaanoom dhuunfaan nu simatanii turan. Ijoolllee koo hammatee doonii irraa nu buuse," jechuun dubbata.

Dhiibbaan narra ga'e jedhurraa kan ka'e biyyaa ba'us, gara Itoophiyaatti deebi'ee jireenyasaa ittifufuu waan hin barbaanneef Jibuutiitti hafe.

Dhaabbilee adda addaatti qacaramee erga hojjetee booda maallaqa qusateen daldala eegaluuf murteesse.

"Jibuutii keessatti dhaabbilee adda addaatiin qacarameen ture. Dhaabbilee gurguddoorraa kaasee hanga baankiitti hojjedheera" jedhe.

Dhaabbata guddaa lammilee Ertiraa keessas hojjedheera. Sana booda, magaalaa Jibuutii mandara lammileen Itoophiyaa itti baayyatan keessatti mana nyaataafi garaajii bane.

Biyya ormaa keessatti wanti hundi mijataallee miti. Jibuutii keessatti garuu seera eegdee yoo hojjatte wanti ulfaatu hin jiru. Gama biraatiinimmoo kan hojjetteef hanga kaffaltii si dhoowwachuu gahan jiru jedha.

Yeroo hojii eegalu qormaata hedduutu isa mudate. Yeroon hojii dhiisee gara biyyaatti deebi'uuf murteeffates akka ture dubbata.

Hojjettoota dhabuurraa kaasee hanga kiraa manaa kaffaluu dadhabuutti rakkatee beeka.

"Abdii otoo hin kutatiin bor abdattee hojii ittifufuu qabda. Yeroon Paastaa Firaankii Jibuutii 100'n nyaadheefi mana garmalee dhiphoo tokko kireeffadhe hin dagadhu.



Sadarkaa har'a irra jirurra gahuuf haala rakkisaa keessa darbeera. Bakka barbaadde ga'uuf qormaata keessa darbuu qabda, jedha.

Yeroo waraanni Kaabaa ka'etti hidhamuu kan dubbatu Birhaaneen, yeroo sana dhalattoonni Tigraay Jibuutii keessa jiran abdii kutatanii turan jedha.

"Ji'a tokkoo oliifan hidhame. Duraan baqattoota Jibuutii dhufan gargaaraan ture.

Konkolaachiftoota fe'iisaa dhalattoota Tigraay rakkoon asitti yoo isaan mudate waan isaan barbaachisu gargaaraan ture.

"Haati warraa koo rukutamtee ulfi irraa baheera, anis cuubeedhaan waraanameera" jedha.

Kana hunda dandammachuun dhalattoota sababa waraanaan Tigraayirraa baqatan gargaaraa ture.

Balaa ibiddaa qaqqabeen Gaaraajjiin Birhaanee qabeenya Firaank miiliyoona 50 ta'u jalaa barbadeesse. Dhaabbanni jalqaba inni banate balaa ibiddaan guutummaatti waan barbadaa'eeff bakka amma jiraatutti ji'a shan dura godaane.

"Yoo xiqqaate waggoota torbaaf mandara lammileen Itoophiyaa itti heddummatan [Bottee] jedhamuu jiraadhe.

Achitti mana nyaataa Aksum jedhamuufi gaaraajii guddaa qaba ture.

Hojjettoota hedduus qaba ture. Akka carraa balaan ibiddaa ka'e. "Qabeenyi koo Firaankii Jibuutii miiliyoona 50 ol (gara doolaara 300,000) gubate," jedha.

Dhaabbatasaa keessatti godaantota lammilee Itoophiyaa, Ertiraafi Yaman hojjechiisa ture.

Balaan ibiddaa mudate booda Birhaaneen abdii kutee hin teenye.

Jabaatee qabeenya balaa ibiddaatiin dhabe bakka buusuuf hojjechuu jalqabe.

Hojjettoota inni carraa hojii uumeefitu bakka biraatti dhaabbata akka hundeessu gargaare.

Konkolaattonnisaa yeroo waraanaa Kaaba Itoophiyaa foddan isaanii dhagaadhaan jalaa caccabee ture.

Birhaaneen itti dabaluun akkas jedhe: "Tarii osoon akka nama biraa ta'ee, abdii kutadheen karaarratti kufa ture.

Namni balaa akkasii mudate waan ol jedhee deemu natti hin fakkaatu. Ani garuu guyyaa balaan mudate booda meeshaalee barbaachisoo bakka haaraa kanatti fideen hojiikoo itti fufe. Amma bakkan kireeffadhe kana bitadhee daldalakoo babal'isuuf karoofadheera," jedha

Jamaal Omar lammii Eertiraati. Erga biyyaa baqatee waggoota lakkoofsisera.

Waggoota muraasaaf Yaman kan jiraate Jamaal, waraana Yamaniitti adeemaa jiru hordofuun gara Jibuutiitti deebi'e. Baqannaarra gara jiruu baqaa biraatti waan ce'eef jiruun itti

hin mijanne.

"Bara 2015 gara Jibuutii dhufe. Kaampii baqattootaa seeneen waggaa jahaaf lammilee Yaman waliin jiraadhe.

Yeroon hojii barbaacha gara magaalattii dhufu Gaaraajii Birhaanee keessan hojjechuu eegale.

Birhaanee waliin kaampii Yaman keessa turre. Wajjin nyaannee, dhugneerra. "Nu dura Yaman irraa dhufee hojii kana jalqabe" jedha.

Yeroo gara Jibuutiitti deebi'u nama beeku dhabuun kan rakkate Jamaal, Birhaaneen hojii ogummaa isaatiin akka hojjatu carraa fooyya'aa akka uumeef dubbata.

"Birhaaneen erga gara biyya kanaa dhufee booda ogummaa isaatiin qacarame." Sana booda dhaabbata dhunfaasaatii banate.

Baqattoota kaampiicha dhufaniif carraa hojii uume. Gidduutti qabeenyisaa balaa ibiddaan dhabe.

Garuu abdii hin kutanne. Bakka biraa kireeffatee hojjiisaa itti fufe. Achirraa sadarkaa kana gahe," jechuun ibsa.

Baqattoota dhaabbata Birhaane keessa qacaramanii hojjetan keessaa tokkommoo Abdu Ahmid Mohaammad jedhama.

Abduun, makaanikii yoo ta'u, baqataa lammii Yamaniiti, dhaabbata Jibuutiitti argamu keessa Birhaanee waliin hojjechaa turuu hima.

Boodarra garuu Birhaaneen hojicha dhiisee, dhaabbata dhuunfaasaa hundeesssee, godaantota biroof carraa hojii uumuu dubbata.

"Nama qajeelaadha. Uumaatu kana kenneef" jedhee ibse.

Birhaaneen yeroo ammaa kana hojjettoota dhaabbii malee baqattoota 15 hanga 20 ta'an kontiraataan hojjetan akka qabu dubbata.

Dhaabbatasaa babal'isuun, godaantota biroo hedduudhaaf carraa hojii uumuuf karoora qaba.

"Hojjetoonni irra caalaansaani Tigraayirraa dhufan. Kana malees lammileen Yaman, Itoophiyaafi Ertiraas qacaramanii hojjechaa jiru. Baqattoonni ogummaas ta'e muuxannoo hin qabne yeroo dhufanillee hojii akka hojjetan leenjifna," jedha Birhaaneen.

Muuxannoo isaarraa ka'uun nama kamiyyuu akka baqataa akka ta'uu hin hawwuuf kan jedhu Birhaaneen, "Namoonni hedduun jiruu fooyyee arganna jedhanii abdachuun biyyaa bahanii bakka hin taanetti kufanii hafan" jedha.

Namoota biyyaa bahan keessaa kanneen jireenyisaanii jiruu biyyattii dhiisanii dhufanii gadi ta'u ni jira jedhe.

Namoonni biyyaa bahan waan qabatamaa hin taane abdiin eeguuf yeroosaanii qisaasuurraa, hojii argatan cimani hojjachuu akka qaban gorsa Birhaaneen.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Rifoormii sirna to'annoo daldalaafi misooma dinagdee



Akkaataa baratameen hojjechuun jijjiirama fiduun rakkisadha. Mootummaan Naannoo Oromiyaa dameewwan dinagdee hundarratti tarkaanfii addaa (inisheetiivii) haaraa maddisiisuu, kan maddisiifaman madaqsuufi babal'isuun hojiirra oolchaa jira. Dameewwan xiyyeeffannoon kennameefii rifoormiin irratti geggeeffamaa jiru keessaa tokko rifoormii sirna to'annoo daldalaati.

Tibba kanas rifoormii sirna to'annoo daldalaafi misooma dinagdeerratti eegalamaniifi kallattii fuulduraaf akeekamanirratti Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa karaa fuula feesbuukiisaanii ergaa dabarsaniiru. Ergaan dabarsan kunis akkaataa itti aanutti dhiyaateera.

Ergaa dabarsan kanaanis, jijjiiramaa as sektaroonni ijoon xiyyeeffannoo addaa barbaadan adda bahuun rifoormii keessa darbaa jiru. Rifoormota kanaanis oomishini dabalaa, dandeettiin galii maddisiisuu dinagdee Naannoo Oromiyaa guddachaa jira.

Guddina argamaa jiru itti fufinsasaa mirkaneessuuf sektaroonni gahee deggersaa taphatanis rifoormii keessa darbuu qabu. Bu'uuruma kanaan sektarri daldalaas rifoormii sirna to'annoo daldalaa geggeessaa jira.

Galmi sirna daldalaa mootummaa keenyaa afuri. Issanis: haqaqabeessummaa, ammayyummaa, dorgommii daldalaafi walitti hidhaminsa gabaa mirkaneessuudha.

Gama birootiin sirni daldalaa naannichaa amala laamshessoo lamaan qoramaa jira: boodatti hafummaafi daldala seeraan alaafi kontiroobaandii. Gama tokkoon, jijjiiramni mul'achuu jalqabe kun akka itti fufu, gama biraatiin galmi sirna daldalaa keenya akka milkaa'u, amaloota laamshessoo kanneen yeroo gabaabaa keessatti to'achuun dirqama ta'a.

Sirnaafi to'annoo daldalaa

Sirna to'annoo hojiirra ture, gahee sektarri daldalaa cehumsa dinagdee keessatti qabu waliin walbira qabamee yemmuu madaalamu, gadi bu'aa ture. Hin sirnoomne ture. Bu'uuruma kanaan, gama galmeefi hayyama daldalaa, labsiiwwan, dambiifi qajeeltoo, to'annoo daldala seeran alaafi to'annoo kontiroobaandiitiin tarkaanfiileen fooyya'insaafi sirreeffamaa waan boruuf hin jedhamne turan.

- Galmeefi hayyama daldalaa

Sirna daldalaa keessatti, dhimmi ijoon

tokko tajaajila galmeefi hayyama daldalaa ammayyeessuufi salphisuudha. Bu'uuruma kanaan, sirna kenna tajaajila galmeessaafi kenna heyyama daldalaa qaama 'dijiitaalaayizeeshinii Oromiyaa' taasisuun teeknoolojiidhaan deeggaruun babaldhachaa jira. Fkn, siistama 'OTRSL' ykn 'e-trade' hojiirra oolchuun, kurmaana 1^{ffaa} bara baajataa 2016 keessa qofa, galmee daldaltoota haaraa 36,652, heyyama haaraa 41,967 akkasumas haaromsa heyyama daldalaa 168,995, idduma maammiloonni jiranitti 'e-trade'n raawwateera. Kunis gama tokkoon qisaasama humna namaa, yeroofi qabeenyaa kan hambisu yoo ta'u, gama biraatiin, loogiifi malaammaltuummaa gama kanaan muudachuu danda'u kan hirdhisuudha jedhaniiru.

- Labsiiwwan, danbiifi qajeeltoo

Sirni daldalaa keenya gama labsii, dambiifi, qajeeltootiinis rakkoo hedduu keessaa ture. Hojii rakkoolee gama kanaan jiran adda baasuuf raawwatameen bara 2013 irraa eegalee labsiiwwan, dambiwwan akkasumas qajeeltowwan haaraa baasuufi hanqina qaban fooyyessuun itti fufeera.

Akka fakkeenyaatti muraasasaa yoo ilallee. Bara 2013, sirna daldalaa omishaalee qonnaa fooyyessuuf, labsiin sirna gabaafi to'annoo qulqullina oomishaalee Qonnaa, lakk. 234/2013 bahee hojiitti galeera. Akkaataa dhuma labsichi gosa oomishaatiin danbiin akka bahu kaa'utti, dambiin Sirna Gabaafi To'annoo Qulqullina Omisha Aannaniifi Bu'aa Aannanii, lakk. 211/2013 baheera.

Bara 2014's, qajeelfamni raawwachiisaa lakk. 07/2014 kaa'ameera. Dabalataaniis, Dambii Sirna Gabaa Omisha Jimaa, lakk. 224/2014, fi qajeelfamni raawwachiisaa lakk. 10/2014 akkasumas Dambii to'annoo sirna gabaafi qulqullina omisha kuduraafi muduraa bahaniiruu. Raawwiin kun jalqabbii jiru agarsiisurra kan darbuu miti jedhan.

To'annoo daldala seeran alaa

Alseerummaan sirna daldalaa keessatti mul'atu qormaata guddaa dinagdee biyyaafi naannoo keenyaati. Rakkoon kun yeroo dheeraaf sirreeffama saayinsaawaa osoo hin argatiin tureera. Bara 2015'tti, gama tokkoon karoorti to'annoo qindaawaa kan qophaa'e ta'uufi, gama biraatiin caasaan ittisa daldala seeran alaa naannoodhaa hanga gandaa gahu ijaameera jedhan. Haaluma kanaan, kurmaana bara 2016 kanaa keessatti qofa, dhaabbiilee daldalaa kuma dhibba 3fi kuma 54fi tokkorratti to'annoo

gaggeessuun danda'ameera. Kanneen keessaa dhaabbileen daldalaa kuma 58fi dhibba 8fi 12 (%17) ta'an daldala seeraan alaarratti bobba'uun argamaniiru. Haaluma kanaan dhaabbilee daldalaa kuma 58fi dhibba 4fi 99 irratti tarkaanfiin bulchiinsaafi seeraa fudhatameera.

To'annoo kontiroobaandii

Kontiroobaandii karaa laman biyyaafi ummata miidha. Gama tokkoon oomishaalee alergii seeraan ala gara biyya alaatti baasuun biyyi sharafa alaa argachuu qabdu akka hin arganne taasisuun dinagdee biyyaa kan dadhabsiisu yoo ta'u, gama biroon oomishaalee adda addaa karaa seeraan alaa biyya alaarraa galchuun warshaalee biyya keessaafi investimantii akkasumas daldaltoota seeraqabeessa dadhabsiisuun dinagdee biyyaa miidha.

Misooma dinagdee qabatamaa mirkaneessuuf rakkoo kana maqsuun dirqama ta'a. Bu'uuruma kanaan bara 2015 irraa eegalee, taaskifoorsii ittisaafi to'annoo kontiroobaandii ijaaruu akkasumas karoorasaa qopheessuun tarkaanfilee qindaawoo fudhachuutti galleerra. To'annoo bara 2015 gaggeeffameen, oomisha qonnaafi industirii seeraan ala kontiroobaandiin socho'aa tureefi tilmaama qarshii biliyoona 1.1 qabu to'achuun danda'ameera. Raawwiin kun gama tokkoon daldalli seeraan alaafi kontiroobaandiin hagam akka babal'ate kan agarsiisu yoo ta'u, gama biraatiin ammoo to'annoon taasifamu jabaachaa dhufuu kan agarsiisuudha.

Xumurarrattis, daldalli sektaroota ijoo imala badhaadhinaa akka milkeessaniif adda bahan utubuu keessatti gahee olaanaa qaba. Mootummaan, rifoormii gahee sektarichaa kana madaalu geggeessuun dirqama ta'uu hubatee hojiitti galeera. Haaluma kanaan, tajaajila sektarichaa salphisuu/teeknoolojiin deeggaruu, labsii, qajeeltoofi hojimaata barbaachisu baasuufi fooyyessuu, sirna to'annoo daldala seeran alaafi koontiroobaandii diriirsuu itti fufee jira. Jalqabbiin kun akka fiixan bahu qindoominni caasaa sadarkaan jiruufi hawaasaa murteessaadha.

Keessumaa taaksifoorsiin ittisaafi to'annoo daldala seeraan alaafi kontiroobaandii ijaarame, qindoominaan socho'ee, hubannoo hawaasaa cimsuu, to'annoo cimaa geggeessuufi alseerummaa daldala keessatti babal'achaa dhufe hir'isuu qaba. Hawaasni keenyas miidhaa daldala seeraan alaafi kontiroobaandiin gahu hubatee mootummaafi caasaa sadarkaan jiru cina hiriiree jalqabbii kana deggeruun dirqama lammummaasaa bahuu qaba.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

INVITATION FOR BID FOR THE SECOND TIME

Abuna Gindabarat woreda Finance G+2 office now invites eligible bidders for the construction of **Abuna Gindabarat woreda Finance office** (G+2) building office.

- Oromia Regional state, West Shoa Zone **Abuna Gindabarat woreda Finance office** received a budget from national regional state of Oromia towards the cost of construction of G+2 for **Abuna Gindabarat woreda Finance office** in Bake Kalate town with in two consecutive budget years (2016-2017 E.C.)
- Abuna Gindabarat woreda Finance office** now invites all contractors of category general or building contractors of GC-5/BC-5 & above with renewed their license valid for the year 2016 E.C for **furnishing** the necessary labor, material, equipment & service for the construction of **Abuna Gindabarat woreda Finance office**.
- Bidding documents may be purchased at the office of **Abuna Gindabarat woreda Finance office** up on submission of written application and a non refundable fee of birr 1000 (one thousand birr) starting from **first date notice viewed on newspaper during office hours through Monday to Friday. Bidder should deposit 1000 (one thousand birr) to Commercial bank Account of 1000438253649 of Abuna Gindabarat woreda Finance office and bring the receipt of bank to Abuna Gindabarat woreda Finance office.**
- A bidder has to be registered to collect “VAT” and TIN registration certificate, valid trade license and valid registration certificate with ministry of construction or Oromia construction Authority, must be submitted attached with the application.
- Bidders may obtain further information, inspect and acquire the bidding documents, from the above mentioned **Abuna Gindabarat woreda Finance office**.
- All bids must be accompanied by a bid security in Cash 400,000 (Four hundred thousand birr) valid for 120 days after the date of bid opining, The **400,000** birr for the bid security must be deposited to commercial bank Account of 1000438253649 Abuna Gindabarat woreda Finance office The receipt of bank must be put in the original technical document.**Failure to do this will result in automatic rejection.**
- Bidding will be conducted in accordance with the open national tendering procedures contained in the public procurement proclamation of the federal democratic republic of Ethiopia and is open to all eligible bidders i.e. (two stages: the first stage is preliminary and technical evaluation & the second stages is :- financial evaluation).
- A complete set of bidding document in English may be purchased by interested bidders up on submission of Written Application, VAT registration Certificate, Ministry of Construction or Oromia Construction Authority Renewed Registration Certificate, Renewed Trade registration Certificate, Renewed Trade License, Taxpayer registration Certificate and tax Clearance from Oromia Revenue Bureau Or MOC and registration in the FPPA’s to the address stated below and up on payment of a nonrefundable fee of Ethiopian birr 500 (Five hundred) to the above mentioned bank Account and bring the receipt starting from the first announcement date on the newspaper during office hours though Monday to Friday.
- Submission and opining of the bid (in respective Abuna Gindabarat woreda Finance office).
 - The dead line of bid (both technical qualification and financial offers independently) submission shall be on or before at 9:00 local time of 16nd Working days from first announcement date. The technical and financial document will be closed at 8:00 local time on the 22nd day after the tender notice being on the air for twenty-one working days and will be opened at 3:00 on same day. If the twenty –two day is not a working day, it carries over to the next working day.
 - The original and copy of the technical qualification documents shall be placed separately in a sealed envelope marked as “Original and copy of technical qualification documents” and both envelopes shall be placed in a large outer envelope and sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other information indicated in the data sheet and be clearly marked as “TO BE OPENED ONLY IN THE PRESENCE OF TENDER COMMITTEE”
 - The original and copy of the financial offer documents shall be placed separately in a sealed envelope marked as “**Original and Copy Financial Offer Documents**” and both envelopes shall be placed in a large outer envelope sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other Information indicated on in the data sheet and be clearly marked as “To be opened only in the presence of tender Committee”.
 - The sealing, signing and marking of the bids must be according to guidelines stated under instruction of bidders.
 - In preparing the bid document bidders are expected to examine the bid data in the tender document.
 - The qualification document will be opened at the same day at 8:30 local time of 22nd day from first announcement date of Working day
 - The financial offer document shall remain sealed and deposited in a box prepared for this purpose in the presence of auditor or any other authorized body by the client, until financial offers(S) of qualified bidders are opened publicly.
 - The committee assigned by the client will evaluate the qualification of the bidders based on the basis of their responsiveness to the bid document, by applying the must meet evaluation criterion, assigned to the in the data sheet, A bidder will be rejected at this stage if it does not respond to tender document or fails to achieve the minimum technical fit indicted in the tender document.
 - Only financial offers of those bidders who fit the requirement Technical qualifying or Fitted and above will be opened on the financial opening date. The financial opened of the bidders who have not full requirement (i. e Must meet requirement will be returned un opened). The client shall address the financial opening date and time to the bidders.
 - Any attempts of submission forged (false) document and / or indication of financial offer on the technical qualification document shall result in rejection of the bid.
 - The client shall not bear and responsibility for misplacement of “Technical Qualification document” in “The Financial Offer Document” envelops or vice versa, which result in rejection of the bidder.
- The validity of the bid shall be 90 calendar days from the date of bid opening.
- The construction of the work shall be completed with a maximum of 540 (five hundred forty) calendar days from the commencement date of the work & if there is favorable condition (having full budget) the client can minimize the date of completion work.
- Any Contractor who has termination history due to his fault with the bureau, Zonal offices and other regional sectors and with bad performance (proved) in their past contractual period, the Client has full right to reject those contractors during technical evaluation.
- Contractors who have work at hand the physical progress of the work should be complete above 75% and evidence should **attached from Client of the projects.**
- Contractor who win the tender, It must be conduct soil test and structural analysis before starting the work at his own expense, if there is a change on structural and architectural design, the correction is implemented.
- The **Abuna Gindabarat woreda Finance office** has the right to accept or reject any or all bids. **For further information:- Tel:- 0112621515/0913841340 The Abuna Gindabarat woreda Finance office, Bake Kalate**

Aadde Roomaan Birhaanuu Lakk. Nagahee 159331 ta’eefi Lakk. Galmee R-005 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Guutagoo Diittaamoo Lakk. Nagahee 1506054 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Sulxaan Kamaal Umar Kaartaa Lakk. isaa L/S/22764/2001 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Densee Birruu Lakk. Nagahee 166988 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Muluu Waldee Nagahee Lakk.isaa 059440 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Yilmaa Alamu Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk.isaa 594778 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti dhiyaachuun akka beeksifan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Mabiraatuu Atirif Lakk. Nagahee 383216 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Salaam Adinawufi Zaraadaawwit Mihirata’aab Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk.392/394/2000 ta’een maqaa isaaniitiin galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksifan,kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa S/Bakkee.

Obbo Asaffaa Abrahaam mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Bishooftuu ganda Danbii Qurquraa keessatti galmaa’ee argamu Lakk.kaartaa isaa Q/D/7/13 ta’e bali’inni isaa 298M² irratti argamu kaartaan harka isaanii jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 21 keessatti WLM/ Bishooftuutti qaamaan dhiyaate akka ibsu beeksisaa,kun ta’uu baannan kaartaa haaraa maqaa isaaniitiin hojjatamee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Bishooftuu.



Beeksisa Caalbaasii Yeroo 2ffaa

Ra/Himataan Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa fi Ra/Himatamaa Yuuniyeenii Hojii Gamtaa Omishitoota Aanan Salaalee gidduu falmii raaawwii jiru ilaalchisee manni murtii waliigala Oromiyaa dhadacha sivilii beellama gaafa 14/03/2016 ooleen ajaja kenneen qabeenyota yuuniyeenii hojii gamtaa omishitoota Aanana salaalee kan ta’e gatii ka’umsa isaa kanaa gaditti tarreefamee jiru kana Genereetara Injin paaworii lakk.sireal isaa YENS406-61 modeelii 125k-6kswic105 ta’e gatiin ka’umsaa qarshii 1,500,000.00 (Miliyoona tokkoo fi kuma dhibba shani).

- Motor saayikilii (Suzukii) TS185 ta’e kan hojate gatii ka’umsaa qar. 131,158.26 (kuma dhibba tokkoo fi kuma soddonii tokkoo fi dhibba tokkoo fi shantamii saddet).
- Firijjii maqaan isaa HISENSE jedhamu 170 KG baayi’nni 9 gatiin ka’umsa tokkoo qarshii 95,000.00 (kuma sagaltamii shan),
- Priintarii HP baayi’nni isaa 2 gatiin tokkoo qarshii 10,000.00 (kuma kudhan).
- Komputara aksasarii isaa waliin kan tajaajila kenne baay’inni isaa 3 gatiin tokkoo qarshii 12,000.00 (kuma kudha lama).
- Roottoo bishaanii abbaa litira 10,000.00 Roottoo bishaan keessatti kuufamu baay’inni isaa 4 ta’e gatiin ka’umsaa tokkoo qarshii 60,000.00 (kuma jaatama).
- Sheelifii mukaa baayinni isaa tokko ta’e gatiin ka’umsaa qarshii 12,000.00 (Kuma kudha lama) ta’e.
- Kaabineetii faayilii 1.050 cm biffee fakkaatu baayinni isaa 2 ta’e gatii ka’umsaa tokkoo qarshii 9,000.00 (kuma sagal) ta’e.
- Gommaa konkolaataa (tajaajila kenne) lakk.2 ta’e gatii ka’umsaa tokkoo qarshii 16,000.00 (kuma kudha ja’a).
- Seeramiikii lafaa baay’inni isaa 8 ta’e gatii ka’umsaa tokkoo qartshii 800.00 (dhibba saddeet).
- Teessoo dalgee 2 gatii ka’umsaa tokkoo qarshii 800.00 (dhibba saddeet).
- Meeshaa Oksajiinii (2 AR) baayinni 2 gatii ka’umsaa tokkoo qar.6,000.00 (kuma ja’a).
- Baalii bishanii guddaa tokko gatiin ka’umsaa qar. 300.00 (dhibba sadii).
- Biyoodiinii Aannanii kan sibiilaa tokko gatiin ka’umsaa qar.1,800.00 (kuma tokkoo fi dhibba saddet).
- Teeblii kan tas kornarii tokko gatii ka’umsaa 12,000.00 (kuma kudha lama).
- Teeblii komputaraa tokko gatii ka’umsaa qar.11,300.00 (kuma kudha tokkoo fi dhibba sadii).
- Wooden teeblii smath tokko gatii ka’umsaa 8,000.00 (kuma saddeet).
- Barmeelii plaastikaa baay’inni 9 gatiin ka’umsaa tokkoo qarshii 1,400.00 (kuma tokkoo fi dhibba afur).
- Barmeelii sibiilaa baay’inni isaa 4 gatii ka’umsaa tokkoo qarshii 800.00 (dhibba saddeet).
- Gollaa sibiilaa guddaa tokko gatii ka’umsaa qarshii 4,000.00 (kuma afur).
- Gollaa sibiilaa giddu galeessa tokko gatiin ka’umsaa qarshii 3,000.00 (kuma sadii)tiin Gollaa sibiilaa xiqqaa tokko gatiin ka’umsaa qarshii 2,000.00tiin gaafa 04/04/2016 iddoo qabeenyi kun argamutti sa’aatii 3.00 hanga sa’aatii 6:30itti caalbaasiin kan gurguramu waan ta’eef gatii ka’umsaa kaa’amee ¼ isaa CPOdhaan qabattanii caalbaasii kana irratti akka hirmaatan isin beeksifna **Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa.**

Bid announcement

Bid No - EWWE0-02/2023

For drilling and Construction of six shallow wells for rural water supply projects
Ejere woreda water and energy office invites wax-sealed bids from eligible bidders (contractors) to construct the drilling of shallow water wells by capital budget of 2016 E.C in different rural villages/kebeles.
Those projects are planned in-**InaftuKebele (Dugde Site), GebaJimataKebele (Boru Site), HidiKebele (Colo2nd Site), GoliKebele (Kobo Site) And AmeroKebele (Ukur Site) byEjereWoreda budget and in JimataAbaFitaleKebele(GebeJimata 4the site) by Doveloping Municipality JimataAbaFitale budget.**

The bid is open to all eligible bidders who have

- A private limit company or contractors who have drilling machine or drilling machine leased agreement with full equipments.
- A private limit company or contractors who have **water works contract trade license and water well drilling certificate of competency**, which is renewed for the year of 2016 E.C.
- A private limit company or contractors who have a certificate of registration, which is renewed for the year of 2016 E.C.
- A private limit company or contractors who have tax clearance, registration for VAT and have TIN (tax identification number).
- A private limit company or contractors who bring the original of the above-mentioned document with its copies during the purchase of these tender document.
- A private limit company or contractors who have to able to complete the format described in the bid document.
- A private limit company or contractors who have submit the bid document with the bid security of 2% of the contract amount (total project cost including 15% VAT) in the form of bank guarantee or CPO.
- A private limit company or contractors who have submit two of the bid waxed and sealed separately (original and copy of finical, original and copy of technical separately waxed and sealed separately each and put your address or company information) and place all document in large outer envelope and wax sealed and put your address or company information.
- The document can be purchased upon payment of non-refundable fee of birr 400.00 (Three hundred birr only) from Ejere finance and Economic development office during working hours starting from 27/03/2016 up to 17/04/2016 E.C the method of payment will be in cash.
10,The bid document will be returned and closed on 17/04/2016 E.C at 8:00 and will be opened at 8:30 in local time on the same date in the presence of the bidders or legal representative at the office of **EjereWoreda** deputy administrator.
11,The bid will be stay on air for 15 working **days** starting from the day of announcement.
12,The late bid will be automatically rejected.
13,Completion time of the project is 90 calendar day.
14, The bid shall be valid for a period of 90 days after a bid opening date.

NB:-The office reserves the right to reject any or all the bid. For further information contact the office through **Tell no: - 0112830829 and Mobile no: - 0910332282 Ejere Woreda Water and Energy Office.**

Caalbasii Bittaa Meeshaa Wajjiraa Marsaa 1^{ffaa}

Kibba Lixaa Shawaatti Kolleejji BLTO A/Ammayyaa bara bajata 2016 caalbasii marsaa 1ffaa Bittaa Uccuu Seeraa, Bittaa meeshaa Barreessaa, Bittaa Meeshaa qulqulinaa ,Bittaa Meeshaa Dhaabbii , Bittaa Meeshaa Elekitiroonkisiifi Meeshaa Ijaarsaa caalbasii ifaa biyyaa keessaa wali_dorgomsise bituu barbada.

Ulaagaalee dorgomichaaf barbaachisu

- Eeyyama Daldalaa Gosa meeshatiin kan qabu.
- Gibira Mootummaa kan kaffale Eeyyama isaa kan haroomse.
- VAT fi TIN Lakk_ittiin galmaa’ee ragaa kan dhiyyeefatu
- Lakkoofsa Eenyumessa gibira/TIN/ ragaa kan dhiyyeefatu.
- Lakk_tokko gubbaatti kan ibsamee waraqaa Eeyamaa daldala koppii duraa fi dubaa ta’e orjinalaa fi kopii kan dubifamu ta’u qaba.
- Kabachisaa Caalbasii Lotii lotiidhaan qarshi 5,000 Baankii beekamaa irra CPO Sanada wajjin dhiyyeefachu kan danda’u.
- Caalbasii gufachisuu kan dhiyatu gara fuul duraattis ta’e caalbasii kamirrattuu akka hin dorgomne ni tasifama. Kabachisni caalbasii qabsisee mootummadhaaf galii ta’a. (ni dhaalama)
- Dorgoman caalbasii teessoon isaa ifaatti beekamu qaba. Caalbasiin Gaazexaa kallacha Oromiyaa irratti erga maxxanfamee bahe booda guyyootaa 10 guyyaa hojii mootumma qileensa irra ola.
- Dorgoman kamiyyuu guyya 02/04/2016 bara 2016 sa’aatii 4:30 qofati sanada bitate qopheefatee sanduqa kana qopha’etti galchuu qaba. guyyuma sana caalbasiin kan banamu gaafa 02/04/2016 bara 2016 sa’aatii 7:30 irratt cufame guyyumaa sana sa’aatii 8:00irratti bakka dorgomtoonni ykn bakka buutonni jiraanitti ni banama.
- Dorgomtoonni meeshaa ittin dorgoman Samudaa isaa otoo caalbasiin hin banamiin dursanii Kolleejii BLTO A/ Ammaayyatti dhiyyeessu qabu. ini gubbaatti ibsame akuma jirutti ta’ee meeshalee saamuda dhiyyeessu hin dandenye yoo ta’e footoodhan deegaramee dhiyyachuu ni danda’a.
- Akkuma Lakk-9,fi 10 irratti ibsame kan guutee hin dhiyyeefanne dorgomii keessaa ni haqama.Erga caalbasiin baname yaada jijiru, sanada fooyyessuu, keessa ofi basun hin danda’amu. dorgoman caalbasii sanada dhiyyeefatu chaappa fi mallattoo dorgomaa irrati ta’uu qaba.
- Sanada dorgoma irra haqaa fi laaqaa qabaachu hin qabu. Dogogoran yoo haqame mallattoo irra ka’uu qaba. Meeshaa qulqulina isaa eeggate orjinala a dhiyyeessu qabu.
- Meeshaa Speesifikeeshinii kolleejjiin dhiyyeefate gadi yoo ta’e fudhatama hin qabu. Dorgoma irra kan sanadni Gosa Meeshaa, Baayyina omisha isaa,Lakk_ Moodelaafi Bara Omisha isaa ibsamuu qaba.
- Dorgoman meeshaa mo’ate kibba lixa shawaa A/Ammayyaa Maagalaa Gindooti Geejjiba isaatiin kolleejjichatti dhiyyeessuun dirqama.
- Sanadnii caalbasii kan gurguramu Ki/lixa shawa A/Ammayyaa Kolleejji BLTO /A/A Biroo Lak_3tti bittachu ni dandeessu. Kan bittaaan loti lotiidhan qarshi 200 kan hin deebine Kolleejjicha irraa bittachuun nagahe fudhachu qaba.
- Caalbasiin erga banamee xumurame Ifaa kan maxxanu ta’a. Mo’ataa beeksisuuf sanadaa caalbasii irratti sanadan wali qabate dhiyyachuu qaba.
- Dorgomaan kamu dorgoma biraa irratt hirkatee dhiyyachuu hin qabu.sanadni caalbasii ifa yoo ta’uu baate gafate ibsaa argachuu qaba.
- Dorgoman erga dorgome mo’achuun isaa beeksifame baayyina mi’aa gatii otoo hin jijjiirin mo’ata irraa 20% hirisuun ni danda’ama. Dorgomaan wali-galte dhiyyeessi dhiyatee mallatteessun dirqama. ta’u baannan caalbasii keessa ni haqama.
- Sandin caalbasi kan dhiyaatu gati meeshaa fi kan ittin geejjibsisu dabalateti gagaadhan hapha’e /samsame / sanduqa kana qooppha’etti galun dirqama dorgoma caalbasiti.
- Ulagalee kana keessatt tumame meeshaalee caqafame dhiyyeessun dirqama ta’u isaa beekkee dorgomit seenu qaba. Kana ta’u baannan kabachisin caalbasii mootummadha gali ta’a. Mayikiro interpiraayizii xixiqaa yoo ta’e Dhaabbanni isaan gurmessie Xalayaa seera qabeessa taasisuf bakkaaf teesso isaa ifaatti Lakk_EMEL fi FAX caqasee nu erguu qaba. Kana ta’uu baannan caalbasii keessa ni haqama.
- Dorgoman tokko meeshaa irraatti mo’ate wali_gala erga dhiyyeessee Maallaqni isaa kaffalamaf. Kana ta’u baannan meeshaa irratti dorgome harcasun ni dhiyyeessa taannan kabachisin caalbasi ni dhaalama. maayikiroo_ interpirayizii yoo ta’e dhaabbata gurmesse hordofin itti tasisuun kisaraa seektara sana ni kaffalaaf.
- kolleejjichi filannoo biraa yoo argate caalbaasicha walakkaanis ta’ee guutumaan guuttutti haquu ni danda’a. **Ibsaa dabalataaf Lakk_Bilbila 0920582976, 0966721823 Kibba Lixa Shawaat Kolleejjii BLTO/A/Ammayyaa Gindoo**

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabaluu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Tokkummaa sabdaneessa federaalawaa saboota, sablammootaafi ummatoota itoophiyaa

Federaalizimiin jecha federaal jedhurraa kan dhufedha. Federaala jechuun ammoo jecha laatiinii “foedus” irraas uumamee kan dhufedha. Hiikni federaal jedhu ammoo waadaa (covenant), waliigaltee waliinii (agreement or contract) jechuudha.

Kanaaf federaalizimii jechuun sirna biyya tokkoo ykn caaseffama ykn ijaarsa bulchiinsa waliinii ofiin of bulchuu kanneen of keessatti kan hammatudha.

Kaayyoon federaalizimii kunis heddummina lammiilee hammachuuf kan tolu yoo tahu, heddummina jechuun ammoo afaan , aadaa, amantaa, seenaa, walitti dhufeenya hawaasummaa akka waliigalaatti eenyummaan ummataa kan ittiin ibsamuufi kan of keessatti hammatu jechuudha.

Heerri federaalizimii tumame kunis waliigaltee falaasama waloomaa yoo ta’u, amala dhala namaarraa kan madde tahees fudhatama. Dhalli namaa yeroofi sadarkaa adda addaatti dhimma mataasaafi waloo kan qabuufi isaan kana lamaan madaala eegee jiraachuu kan barbaadudha jedhu hayyuun Elazar jedhamu.

Biyya keenya keessatti yaadrimeen federaalizimii sirna siyaasaa federaalaa, maalummaafi amalasaarrattis hawaasa biyya keenyaa biratti hubannoon walfakkaataan ni jira jedhamee fudhatamuu hin danda’amu. Haaluma kanaan federaalizimiin qajeeltoo walqixxummaa bu’uureffachuun mareefi walhubannaadhaan sanada waadaa heera mootummaa bu’uureffachuun hawaas-dinagdee lammiilee, ijaaruufis daandii filannoo isa tokkodha.

Akka siyaas-dinagdee waloo tokkoottis karaa dimookiraatawaa ta’een falaasama waliin itti fufudha. Qajeeltoowwan bu’uuraa lamaan, bulchiinsa waloofi ofiin of bulchuu jedhamu.

Federaalizimiin yaadamaa madaallii ijaarsaa aangoo mootummaa giddugaleessaafi aangoo gadi buusuun kaayyoon bulchiinsa waliinii kan akeekkatu tahee, tokkummaa sabootaa kan cimsu yoo tahu, caaseffama sadarkaa mootummaa federaalaafi dhaabbilee isa keessa jiranii kan ilaallatudha.

Sirni kun mootummoota lamaafi lamaa ol bilisummaa walqixa qaban gidduutti waadaa uumamerrati kan hundaa’uufi kan geggeeffamu gamtoomina gidduusaanii jiru ilaallata.

Dudhaaleen kunis: namooma, walqixxummaa, bilisummaa, haqa, dhimma nama biraa kan ofii raawwatanis ilaalu, wal danda’uu, beekamtii kennuufi wal kabajuu kanneen hammatanidha.

Qajeeltoowwan bulchiinsa waloofi ofiin of bulchuu yaadrimee federaalizimiifi falaasama dhalli namaa dhimmoota dhuunfaafi waloosaanii waldandeessisanii waliin jiraachuu kan isaan dandeessisu duudhaalee bu’uuraa hedduu of keessatti kan qabatedha.

Yeroo ammaas barbaachisummaan federaalizimii addunyaarratti dabalaa dhufeera. Haaluma kanaan ummata addnuyaa %40 tahan keessaa biyyoonni 28 federaala ofiin jedhu. Biyyoota dimookiraatawaa ta’an keessaas biyyoonni lafa bal’aa qaban ykn

ummata hedduu qaban marti sirna federaalaatiin bulu.

Sirni dimookiraasii dabalusaatiin kan ka’e biyyoonni akka Arjentiinaa, Biraaziliifi Meksikoon sirna federaalawaatiin deema jiru. Biyyoonni dur sirna tokkummaatiin bulan (Unitary) sirna federaalaa fudhataniru. Fakeenyaafis Beeljiyeem, Itoophiyaafi Ispeenidha.)

Biyyoonni walitti bu’insa keessa turanis kan akka Boosiniyaa, DRC Koongoo, Iraaq, Sudaaniifi Afrikaa Kibbaa keessatti fudhatama argateera. Siriilaankaafi Neepaal keessattis itti yaadamaa jira.

Federeeshiinonni tokko tokko biyyoota baay’ee gurguddoofti xixiqqoo, biyyoota duureyyiifi hiyyeeyyiis saboota garaagaraa hedduu qabaachuun akkasumas saba tokko kan ta’anis of keessaa qabu. Federeeshiiniin tokko tokko sirna dimookiraasii hordofuun seenaa dheeraa kan galmeessisanidha.

Kanneen biroon ammoo sirna dimookiraasii fudhachuuf seenaa dhiyoofi rakkoos kan qabanidha. Federeeshinonni addunyaa keessatti argaman amala walfakkaatu qabaatanillee hundisaaniis tokko miti.

Hundeeffama federeeshiinotaa waliin wal qabatees sirna bulchiinsaan hordofamanii akkasumas haala hawaasummaa, dinagdee siyaasaafi haala qabatamaa keessa jiraniifi ittiin bulaa jiranis ni jiraatu.

Kaayyoo murtaa’eef mootummaan waloo yookiin konfederaala kan ittiin hundeeffamanidha. Mootummaan konfederaalawaa kallattiidhaan sagalee ummataa kan hin filatamnedha. Aangoon mootummootaas miseensotasaafti qoodamees kan kennamuufi galii mataasaas kan hin sassaabnedha.

Miseensonni mootummaa konfedereeshiiniis hayyama mootummaa konfederaalichaa oosoo hin barbaadiin keessaa bu’uuf carraa qabu. Miseensonni konfedereeshinichaa gamtoomina hundeesitoota dhaabbii waliin sirna federaalaa ijaaruudhaaf fedhiifi kutannoonsaanii xiqqaa ta’uusaa hubachuunis ni danda’ama.

Walumaagalattiyeroo ammaa sirni konfedereeshiini hin jiru jechuun goolabuun ni danda’ama. Akka fakkeenyaattis seenaa Siwizerlaandi bara 1291 hanga 1847, USA 1776-1789 jiran kaasuun ni danda’ama.

Federeeshiinii mootummaa federaalaa cimaafi miseensota federeeshiinii ciccimoo ummataa kan filatamaniifi kal lattiidhaan ummata waliin quunnamtii kan qabaniifi kallattii barbaachisu hundaan tajaajila ummataaf kan kennanidha. Waliigalteesaanii bu’uureffachuun daangaa aangoo mootummaa federaalaafi miseensota federeeshiinichaafti daangaa aangoo isaaniif kenname gidduutti kan ofisaanii murteessaniifi waliigalteefi qindoominaan sirna ittiin raawwatanidha.

Sirni federaalichaas kan hundeeffamu miseensonni mootummaa federeeshinichaa qajeeltoo walqixarratti hundaa’uun waliin mari’atanii kan irratti waliigalan sanada waadaa heera mootummaa raggaasisaniin ta’a.

Fedeseshinicha keessattis tokkummaa

federeeshiinichaa kan ilaallataniifi dhimmootii kan waloo ta’an adda ba’anii mootummaa federaalaaf kan kennaman yoo tahu, baayyinaanis yaadamni federeeshiinichi ittiin hundaa’u tokkummaa, michummaa, waliin guddina, waliin rakkoowwan hiikuu, obbolummaa, tokko tokkoratti amantaa uumuu, fedhiwwan naannoofi dandeettii fedhii biyyaa waliin walitti hidhanii deemuufi biyya waloo cimaa ijaaruudha.

Miseensota mootummoota federeeshinichaafti aangoon dhimmoota naannoo ilaallatan adda ba’anii ni kennamuuf. Mootummoonni miseensa federeeshiinii bu’uurra gamtoomina siyaasaa cimaafi dhaabbataa ta’e hundeesuudhaaf kutannoon isaan qabanis olaanaadha. Kanaafuu sirni heerri mootummaa federeeshiinicha ittiin hundeesan qaama tokko qofaan salphaatti jijjiiruu kan hin dandeenyeefi yeroo dheeraadhaaf akka hojjetu ta’eera.

Amaloota waloo federaalizimoota walfakkeessan

Sadarkaa mootummaa lama qabaachuun kan federaalaafi kan naannoon of keessatti hammatu. Mootummoonni lachannu, mataa mataasaaniitiin lammiileesaanii waliin sirna filannoo mijeessuun wal quunnamtii kallattiis qabu.

Heera mootummaa barreeffameefi heera mootummaa salphaatti kan hin fooyyofne qaba. Qoodinsa aangootiin heera mootummaatiin adda ba’ee kan kennamedha. Aangoo seera baasuu, seera raawwachiisuu, seera hiikuufi galii faayinaansii sassaabuus ni hammata. Mana maree lama qabaachuu (Bi- cameral Houses) federeeshiinota gidduutti wal dhabdeen yoo uumames dhaabbata hiikuufi walitti dhufeenya naannolees (IGR) kan cimsanidha.

Mana Maree Federeeshiinii qabaachuu, heera mootummaa hiikuufi wal dhabdee gidduu mootummoota naannolees kan hiikudha. Mirga sabaafi sab-lammootaa kabachiisuufi sablammiiwwan hunda keessaa gara aangoottis fiduudha.

Sirna federaalizimii sabdaneessummaafi ijaarsa nagaa

Dhimmoota walitti bu’insaaf ka’umsa ta’uu danda’an bu’uurarraa jijjiiruuf jijjiirama caaseffamaarratti hojjechuu, dhabamuu walitti bu’iinsa caaseffamaa, jiraachuu haqa-hawaasummaafi kanneen kana fakkaatan ilaaluun ni danda’ama.

Sirna federaalizimii keessatti walitti bu’insa lammiileefi kanneen biroos bifa mariifi araaraan hiikuu, Walitti bu’insa gara nagaatti ceesisu ilaalchaafi caaseffama duudhaaleefi qajeeltoowwan bu’uuraa federalizimii sabdaneessaa dabalachuun tokkummaafi heddumminaan ijaarsa nagaan dhugoomsuudha.

Tokkummaa sabdaneessa federaalawaa nageenya waaraaf mata duree jedhuun barreeffama marii guyyaa saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa 18^{ffaa} sababeeffachuun hojjetoota Biirolee Oromiyaaf dhiyaachaa turerraa kan fudhatame

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Dhibee Koleeraafi tooftaalee ittisasaa

Koleeraan jaarraa 19^{ffaa} keessa biyya Hindii bakka ‘Ganges Delta’ jedhamurraa ka’uun gara addunyaatti akka babal’atedha kan ibsamu. Dhibeen kun yeroo ja’a bifa weeraraatiin guutuu addunyaatti ce’uun namoota miliyoonaan lakkaa’aman ajjeeseera. Ergasii as ammoo yeroo torbaaf bara 1961 A.L.Atti Kibba Eeshiyaatti bifa weeraraatiin jalqabe. Koleeraan bara 1971 Afriikaa ga’uun bara 1991 Ameerikaa akka seenedha ragaan kan agarsiisu. Koleeraan yeroo ammaas bifa weeraraatiin ta’uus baatu biyyoota baayyee keessatti kan argamuufi miidhaa geessisaa kan jirudha. Koleeraan Baakteeriyaa maqaansaa bacterium Vibrio cholera (Sero group O1 or O139) jedhamuun kan dhufudha.

Tilmaamni ragaa Dhaabbata Fayyaa Addunyaa akka agarsiisutti addunyaarraa ummanni biliyoona 1.4 ta’u naannoo Dhibee Koleeraaf isa saaxilu jiraata. Namoonni miliyoona 1.3 hanga miliyoona 4 ta’an waggaa waggaadhaan dhibee kanaan kan qabaman yammuu ta’u, namoonni kuma 21 hanga 143 ta’an ammoo sababuma dhibee kanaan lubbuunsanii darba. Dhibeen kun Itoophiyaattis A.L.A bara 2015-2021tti naannolee biyyattii garaagaraatti mul’ateera. Bara 2022 Hagayya 28 ammoo Oromiyaa dabalatee naannolee biyyattii 10fi magaalaa Finfinneefi Dirre Dawaatti mul’ateera. Kanaanis, namoonni kumni 27fi 46 dhibichaan kan qabaman yoo ta’u, 384 sababuma kanaan lubbuunsanii darbeera.

Naannoo Oromiyaattis A.L.Awurooppaa Hagayya 28 bara 2022 hanga Sadaasa 23 bara 2023tti namoota kuma 10fi 305 irratti Koleeraan kan mul’ate yoo ta’u, namoonni 130 ta’an ammoo dhibee kanaan lubbuusaanii dhabaniiru. Naannichatti dhibeen kun aanaalee 71 keessatti kan argame yammuu ta’u, aanaaleen 45 dhabamsiisaniiru, 26 ammoo ammallee dhukkuba kana gabaasaa akka jiranidha barreeffamni Biiroo Fayyaa Oromiyaatiin dhiyaate tokko kan mul’isu. Dhibeen kun naannichatti bara 2015 keessatti namoota 100 lubbuu kan dabarse yammuu ta’u, bara kana ammoo hanga Hagayya 28 bara 2023tti namoonni kumni 10,000 ol dhibee kanaan kan qabaman yammuu ta’u, 130 lubbuunsanii darbeera.

Koleeraan dhukkuba saffinaan namoota baayyeetti daddarbuufi dhukkubsachiisuu danda’udha. Dhibeen ijoolleefi nama guddaa miidhuufi ajjeesuu ni danda’a. Koleeraan du’aatii daa’imman waggaa 5 gadi jiraniif dhibeewwan sababa ta’an keessaa sadarkaa lammaffaarratti kan argamudha. Dhibeen kun ittifamuufi yaalamuu kan danda’u ta’ee, namni dhibichaan qabame tokko yeroon osoo hin yaalamiin yoo hafe carraan nama ajjeesusaa % 50 akka ta’edha ragaan kan agarsiisu. Dhibee Koleeraafi dhibeewwan biroo hanqina bishaaniin walqabatan ittisuufi facaatiisaanii to’achuu keessatti bishaan ga’aafi qulqulluun jiraachuuniifi qulqullinni dhuunfaafi naannoo dhimma ijoodha.

Daabbanni Fayyaa Addunyaa A.L.A xumura bara 2030tti tarsiiimoo akka addunyaatti ‘ Koleeraa balleessuu jedhu qabatee hojjechaa jira. Du’aatii sababa Koleeraatiin dhufu “%90’n xiqqeessuus akka galmaatti qabatee bara 2017 ifoomsuun irratti hojjetamaa jira.

Biiron Fayyaa Oromiyaas kanuma bu’uura godhachuun imaammata fayyaa hawaasaa akka biyyaatti ba’ee hojiirra oolaa jiru bu’uura godhachuun Naannoo Oromiyaatti hawaasa fayyaansaa eegame uumuuf xiyyeeffannaa addaa kennee hojjechuurratti

argama.

Bu’uuruma kanaan biirichi maalummaa akkaataa dhukkuba ‘Koleeraafi Busaa ittisuufi to’achuun danda’amu, of eeggannoo hawaasni taasisuu qabu, akkaataa hawaasni fayyaasaa eeggachuu qaburratti hubannoo uumuufirrattiifi rakkoolee hojii kana keessatti hudhaa ta’an akkaataa qindoominaan irratti hojjechuun furuun danda’amurratti qaamolee miidiyaafi kominikeeshiinii akkasumas hojjetoota miinii miidiyaa sadarkaan jiran waliin Magaalaa Adaamaatti mari’ateera.

Maricha kan eegalchiisan Aadde Sa’aadaa Ahimad Biirichatti Daarektara Barnoota Fayyaafi kominikeeshiinii yoo ta’an, imaammanni fayyaa % 80 hojii ittisa dhibeewwaniirratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, % 20 ammoo hojii yaaluufi dandamachiisuuti jedhan. Hojiin kunis sektara fayyaa qofaan kan hojjetamu osoo hin taane qindoomina qaamolee adda addaa barbaada jedhan. Abbootiin amantaafi Abbootiin Gadaa, miidiyaaleen adda addaa akkasumas sektaroota garaagara waliin qindoomuun hojii hawaasa fayya qabeessa qabaachuuf hedduu murteessaadha jedhan Aadde Sa’aadaan. Keessumaa, hawaasni akkaataa itti dhukkuboota adda addaarraa itti of eegee fayyaasaa eeggatu taasisuurratti jijjiirraa amalaa akka fidu gochuu keessatti ga’een qooda fudhattoota kanaan daran murteessaadha. Fayyaadhaan walqabatee odeeffannoowwan qulqulluufi sirrii hawaasaaf kennuu keessatti akkaan barbaachisaadha.

Dr.Tasfaayee Kibabawu Hogganaa itti Aanaa Biiroo Fayyaa Oromiyaa yoo ta’an dhukkuboota Naannoo Oromiyaatti hawaasa qoraa jiran keessaa Koleeraafi Busaan isaan tokko jedhan. Koleeraan bara 2015 darbetti godinaalee itti mul’ate keessatti babal’atee miidhaa guddaa akka hin qaqqabsiifneef yaaliin taasifamaafi jira, aanaalee 11fi bulchiinsonni magaalotaa 7 dhibee kanaan miidhamaniiru, lubbuunsanii kan darbes jiraachuu himaniiru. Sababa kanaanis humni, qabeenyiifi maallaqni silaa hojii misoomaa gurguddoo hojjechuuf oolu ba’eera.

Dhaabbileen miidiyaafi kominikeeshiinii carraa qabanitti fayyadamanii akkaataa itti hawaasni fayyaasaa eeggaturratti odeeffannoo sirriifi qulqulluu kennuufi akkasumas hojii hubannoo uumuu hojjechuudhaan dhibeewwan kun kana caalaa babal’atanii miidhaa hammaataa akka hin qaqqabsiifne taasisuu keessatti qooda guddaa qabu jedhan Dr.Tasfaayeen.

Kana malees, sektarri barnootaa iddoo itti barattoonniifi hawaasi barnootaa hubannoo qabu bal’inaan itti argaman waan ta’eef miiniimiidiyaatti fayyadamuun manneen barnootaa sadarkaan jiran keessatti dhimmoota fayyaan walqabatanirratti barumsa adda addaa kennuun barattoonni ofii hubannoo argatanii maatiisaaniitti yammuu galan maatiisaanii barsiisuu akka danda’aniif irratti xiyyeeffatamee hojjectamuun fayyaa hawaasaa eegsisuu keessatti ga’ee olaanaa qabaata jedhaniiru. Keessumaa dhiyeessii bishaaniin walqabatee barattoonnis sirriitti qulqullinasaanii akka eeggatan taasisuuf hojiin miidiyaafi kominikeeshiinii hojjetamuu qaba. Qulqullinni manneen barnootaa keessatti uumamu maatii jijjiiruu keessatti ga’ee guddaa waan qabaatuufi.

Akka Dr.Tasfaayeen jedhanitti keessaayyuu harka dhiqachuu dhiisuurraa jalqabee qulqullina dhuunfaafis

ta’e naannootiif xiyyeeffannaa kennuu dhabuun, nyaata hin bilchaanne nyaachuun, mana fincaaniitti sirnaan fayyadamuu dhabuun, bishaan qulqulluu hin taane dhuguu dhiisuun, dhibee koleeraaf akka isa saaxiluu danda’u sirriitti barsiisuun hojii dursu ta’uu qaba jedhan. **Koleeraan akkamitti daddarba?**

- Dhibeen kun kan daddarbu hanqina qulqullinaan yoo ta’u, keessumaa karaa bobbaan ta’ee, titiisni bobbaa bakkeetti bahamerraa qubachuun dhibee kana fuutee nyaata namni sooraturra qubachuun namaa namatti ni dabarsiti, mana fincaanii fayyadamuun harka osoo hin dhiqatiin hafuudhaan, soorata baakteeriyaa kanaan faalame soorachuun akkasumas bishaan qulqulluu hin taane karaa adda addaa fayyadamna waan ta’eefi.
- Hanqina qulqullina dhuunfaafi naannootiin yammuu ta’u, dhibeen kun nama qabee sa’aatii 2- guyyaa 5tti mallattoo agarsiisuu danda’a.

Mallattoolee Koleeraa

- Namoonni Koleeraan qabaman keessaa hanga % 80 kan ta’an mallattoo agarsiisuu dhiisuu danda’u
- Namoota dhibee kanaan qabamanii mallattoo agarsiisan keessaa baayyonnisaanii mallattoo guddaafi xiqqaa ta’e qabaatu, muraasni ammoo garaa kaasaa bishaan fakkaatu baayyinaan qaamasaanii keessaa ba’uu danda.
- Garaa kaasaa bishaan fakkaatu
- Namoonni dhibee kanaan qaban

Koleeraan karaa nyaataafi dhugaatiitiin erga nama faalee booda mallattoo agarsiisuudhaaf sa’aatii 12 hanga guyyoota 5 turuu danda’a

Wantoota saaxilamummaa dhibee Koleeraaf sababa ta’an

- Hiyyummaa gama hawaasummaafi dinagdeetiin jiru: kunis, hanqina dhiyeessii bishaan qulqulluufi ga’aa ta’ee
- Akkaataa qophii nyaataa eeggannaa hin qabne (haala barsiifata aadaa akkaataa qophiifi ka’umsa ykn qabaa nyaataa
- Baayyinni Ummataa humnaa ol bakka tokkotti baayyachuu
- Qubsuma karoora malee
- Jijjiirama waqtii
- Dinagdeefi barnoonni ga’aan jiraachuu dhabuu
- Amala/ akkaataa itti guddanne
- Bishaan ga’aafi qulqulluu dhabuu
- Qulqullinni dhuunfaafi naannoo eegamuu dhabuu
- Akkaataa qophiifi qabinsa nyaataa akkasumas akkaataa itti fayyadamnu
- Balaa sababoota adda addaatiin dhufu. Fakkeenyaaf haalli qilleensaafi waqtiin jijjiiruamuu,wal-waraansaafi kkf
- Tajaajjilli fayyaa ga’aan dhibuu

Gara fuula 15tti

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Guyyaan saboota, sablammootaafi . . .

oomishaalee garaagaraa qopheessummaa Ministeerota Daldalaatiin banameera. Bifuma walfakkaatuun kaleessa ammoo saboonniifi sablammoonni qophii agarsiisa aadaa dhiyeessaniiru. Guyyaa har’aa kanas sochiin investimantii, qabeenya uumamaa, hambaalee namtolcheefi uumamaa walumaagalatti hawattoonni turiizimii naannichaa ni beeksifamu.

Kana malees guyyaa borii simpooziyeemiin biyyaalessaa, agarsiifni aadaa sabaafi sablammootaa daandiirraafi sirni jalabultii ayyaanichaa akka geggeeffamus sagantaa baherraa hubachuun danda’ameera. Guyyaa xumuraarrattis agarsiifni aadaa sabootaafi sablammootaa ni geggeeffama, keessummoonnis ergaa akka dabarsan beekameera.

Bifuma walfakkaatuun guyyaan kun Naannoo Oromiyaatti Sadaasa 20 hanga 29, 2016tti torban guyyaa sabootaa, sablammootaafi ummatootaa jedhamee labsamuun sadarkaa Naannoorraa eegalee Godinaalee, Aanaaleefi Magaalota akkasumas dhaabbilee barnootaa keessatti hojiiwwan tajaajila lammummaa, festivaala aadaa, galii Hidha Haaromsaaf walitti qabuu, dorgaa dorgeefi waltajjiiwwan marii adda addaatiin kabajameera.

Haaluma kanaan ayyaanichi Sadaasa 26,2016 sadarkaa Naannoo Oromiyaatti Godina Harargee Bahaa Magaalaa Maayaatti bakka hoggantoonni olaanoosadarkaa Naannoo, Abbootiin Gadaa, Haadholiin Siinqeefi Abbootiin Amantaa akkasumas Sabaafi sablammoonni garaagaraa

argamanitti kabajameera.

Af-yaa’iin Caffee Oromiyaa Aadde Sa’aadaa Abdurahamaan kabaja ayyaanichaarratti ergaa dabarsaniin kaayyoon kabaja guyyaa kanaa Saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa gidduutti tokkummaan sabdaneessaa heddumminarratti hundaa’e akka cimuufi dagaagu taasisuun ijaarsa biyyaa dhugoomsudha jedhaniiru.

Guyyaan kun guyyaa walqixxummaafi obbolummaan ummatoota biyyattii itti mirkanaa’e waan ta’eef seenessaafi sirna qeenxeerraa gara sirna waloomaatti ceenedha jedhanii sabaafi sablammoonni biyyattii bu’aalee sirna federaalizimiin dhufaa jiran cimsuun bu’aa caaluuf cichuu akka qabanis dhaamaniiru.

Jallisii bonaatiin . . .

hektaarri miliyoonni 1.5 ol sanyii qamadiin uwwifameera.

Naannoo Oromiyaatti waggottan jijjiiramaa asitti ilaalcha jal’isii boneen qamadii oomishuun hin danda’amu jedhu jijjiiruun milkaa’ina argamsiisaa jiras jedhaniiru. Bara kanas naannichatti haalota mijaa’oo misooma qamadiif yeroo bonaa jiran hundatti fayyadamuun karoora xiiqiifi inisheetivii gama misooma qamadiitiin qabame milkeessuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jira. Kanaanis fedhii gabaa biyya keessaafi alergii dabaluun dinagdee naannoofi biyyaa guddisuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru hogganaan kun dabalani himaniiru.

Kibxata darbes, jilli Hogganaa Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuun durfamu, qaama karoora kanaa kan ta’e facaasaan qamadii bonee Godina Jimmaa Aanaa Saqqaa Coqorsaatti raawwachiisaniiru.

Bulchaan Godina Jimmaa Obbo Tijjaanii Naasir akka jedhanitti, Godina Jimmaa keessatti bara kana jallisii qamadii bonaatiin lafa hektaara kuma 400 misoomsuuf karoorfamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

rakkoo kana furuuf tattaaffii akka biyyaatti godhamuuf gumaachuuf xiyyeeffannoo kennee hojjechaa jiraachuu eeruun, barattoonni badhaafaman kun bara qabxiin qaalii ta’e kanatti cimani hojjechuun warra qabxii olaanaa fidanidha jedhan.

Badhaasni akka Naannoo Oromiyaatti barattoota qabxii olaanaa fidaniif kenname kunis barattootatti hamilee horuufi barattoonni duuba jiranis fakkeenyummaa kana qabatanii akka hojjetan onnachiisuun dhaloota dorgomaa ta’e biyya

ceesisuu danda’u oomishuu kan kaayyeffate ta’uu dubbataniiru.

Barattoonni badhaafaman kunis daandii dheeraan fuuldurasanii jiraachuu hubachuun cichoominaan hojjechuun abdi naannoo keenyaafi biyyaa ta’uu akka qabanis dhaamaniiru.

Paarkii Biyyoolessa Gaarreen Baalee . . .

Ministirri Tuurizimii Federaalaa Ambaasaaddar Naasisee Caalii,Sadarkaa Pirezidaantii Itti Aanaatti Qindeessaan Kilaastara Misooma Baadiyyaa Abdurramaan Abdallaa Kumarraa Waaqjiraa Daarikteera OlaanaaAbbaa Taayitaa Eegumsa Bineensa Itoohiyaa, Ayishaa Yaayyaa Walitti qabduu Koree Tuurizimiifi Daldalaa dabalatee Hoggantootni Olaano Federaalaa,Naannoo,Godina Baaleefi Qaamolee deeggartoota irratti hirmaataniiru.

Ministeerri Ministira Tuurizimii Ambaasaaddar Naasisee Caalii haasaa taasisaniin Mootummaan Jijjiiramaa waggoota jalqaba jijjiiramaa kaasee hojii misooma tuurizimiif xiyyeeffannoo addaa kennuun hojii bal’aa hojjetamaa tureera jedhan.

Sadarkaa biyyaafi naannootti bakkeewwan hawwata tuurizimii ta’an misoomsuufi beeksisuu darbees hambaalee addunyaarratti galmeessuun qaqqabamummaa tuuristoota biyya keessaafi

alaa dabaluun fayyadamummaan uummataa akka mirkanaa’u hojii bal’aa hojjetamuufi hojjetamaa jiraachuu eeraniiru.

Haaluma kanaan Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalees hamba Addunyaa ta’uun UNESCOtti galmaa’uun bu’aa damichi hojjete ta’uus kaasaniiru.

Qorattoota biyya keessaafialaa qabiyyee lubbu qabeeyyii paarkichi qabu qorachuun galmeessan,eegdots paarkichaafi kuunusaafi egumsaa taasisuun asiin gahan galateeffataniiru.

Caalaatti paarkii kana kunuunsuun bakka filatamtuu tooristootaa akka taatu hojjechuu akka qabaatu dhaamaniiru.

Sadarkaa Pirezidaantii Itti Aanaatti Qindeessaan Kilaastera Misooma Baadiyyaa Abdurramaan Abdallaa gamasaaniin akka Naannoo Oromiyaatti xiyyeeffannoo guddaan kennamee hojjetamaa jiru keessaa tuurizimiin tokko ta’uu ibsanii

qabeenya Oromiyaan qabdu daddammaqasuun misoomsuun yaa’iinsi tuurizimii akka dabaluufi fayyadamummaan uummataa akka mirkanaa’u hojjetamaa jira jedhan.

Daarikteera Olaanaa Abbaa Taayitaa Eegumsa Bineensa Itoohiyaa, Kumarraa Waaqjiraa Paarkii Biyyoolessa Gaarreen Baalee sababa lamaaf akka addunyaatti beekamu ta’e kunis qabeenya bakka bu’insa hin qabne jiraachuufi qabeenyi kun aadaa uummatni uumama eeguufi kunuunsuu qabuun jedhan.

Bulchaan Godina Baalee Obbo Abdulhakiim Aliyyii gamasaaniin Paarkii Baalee erga hundaa’ee waggaa 54 booda hamba Addunyaa ta’uun UNESCO tti galmaa’uu ibsan.

Dhumarrattis beekkamtiin qaamolee adda addaaf kan kenname yoo ta’u, hirmaattonni sagantichaa qaama Paarkii biyyoolessaa Gaarreen Baalee kan ta’e Saannatees daawwataniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Reestoraantii tajaajila kaballaa kennu

Reestooraa Jaappaan tokko keessatti tajaajilli kaballaa tarreeffama nyaata keessa galuun itti kennamu maamiloonni natti baay’atan jechuun dhagaa’ame.

Hoteelli tajaajila kana kennu kuni itti yaade gara kanatti dhufe miti. Guyyaa tokko maamilli manichatti tajaajilamuuf sente tokko rakkoo dhiphina sammuu itti dhagaa’amurraa furamuuf keessummeessituu ajaajamuuf fuulashee dhaabbatteen dursa nakabali maaloo sammun nadhiphatee jiraa jechuun gaafatti.

Keessummeesituttiin garuu seerri hoteelichaa hin hayamu waan ta’eef na adabsiisa jechuun diddi, maamilittiin garuu maaloo yoon kabalame dhiphinni kun nagdhiisaa nagargaar jettiin, isheenis tole hoji gaggeessaa hotelichaan beeksisa jechuun garasaatti qajeeltee waan ta’e wayita itti himtu hayyamaaf.



Isheenis deebitee deemuun maamilittii akkaataa isheen barbaadduuf hanga ishee gahutti kakkabalte. Maamilittiinis dhiphinni sammuu itti dhagaa’amaa ture akka ishee gadhiise itti himuun galateeffatti.

Maamiloonni biroon hoteelicha keessa turaniifi taatee kana hordofaa turan kabalamuuf hiriira galuun hunduu kabalamee hoteelichaa bahe.

Taateen kun magaalaa hoteelli kun keessa jiru keessa guutuun namoonni hedduun kabalamuuf ganeemmafatanii hoteelichaatti yaa’uu eegalan. Taateen kun kan isaan ajaa’ibe abbootiin qabeenyaa hoteelichaas waan kana gara maallaqaatti jijjiiruu qabna jechuun meenuu ykn tarreeffama nyaata keesa kaballaa galchuun akkuma nyaataafi dhugaatii gatii baasaniif, tajaajilicha argachuufis Yeenii Jaappaan 100 kaffaluun dirqama ta’e.

Kunis ta’ee tajaajilamtoonni kaballaa barbaadan guyyaadhaa gara guyyaatti dabalaa waan dhufaniif keessummeessitoonni tajaajila kaballaa kanaan baay’inaan akka qacaraman taasise. Kaffaltinsaas gara Yeenii 500 ol guddate. Keessummeessitoonni tajaajila kaballaarratti bobbaa’anis hojii idilesaanii taasifachuun hojiisaanii itti fufan. Kafaltiinsaa dabalamus namoonni tajaajilicha argachuuf gara hoteelichaatti ya’an hojii hoteelichaa qorree turetti lubbuu horuun galii olaanaa argachuu eegale.

Ogeessonni fayyaa dhimmicha dhagaa’an garuu faayidaasaarra miidhaasaatu caala waan ta’eef tajaajilicha addaan kutuu akka qabu warra hoteelichaatti himuun akka adda citu taasisan. Namonni hedduun garuu tajaajilicha barbaacha gara hoteelichaatti yaa’uu ittuma fufeera jedha odeeffannoon Al-Ain.

Dhibee Koleeraafi tooftaalee . . .

- Goginsaafi lolaa

Tooftaalee ittisasaa
 - Hoggansa cimaa kennuufi qindoominaan hojjechuu
 - Hawaasa hirmaachisuu
 - Tooftaa eegumsa fayyaa hawaasaa cimsuu
 - Dhiyeessii bishaan qulqulluu ga’aan jiraachuu
 - Qulqullina dhuunfaafi naannoo sirnaan eeguu
 - Talaalliin ga’aa ta’e dhiyeessuu
 - Waa’ee Koleeraarratti hordoffiifi cimaa taasisuufi gabaasa qulqulluu qabaachuu

Koleeraarratti xiyyeeffachuun sababni barbaachiseefis dhibichi rakkoo fayyaa, hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa waan ta’eefi.

Dhibeen kun akka hin baballanneef hojiilee hojjetaman

- Garee qindoominaan hojjetu seektarootarraa
- walitti qindeessuun hojjechuu

- Hojiilee hojjetaman madaalaa deemuun kallattii kennuu
 - Garee suupparviizhiinii sadarkaa Biirichaatti hundeessuun to’achuufi hordofuu
 - Qindoominaan hojjechuu
 - Koree taaksifoorsii sadarkaa godinaafi aanaatti jiran cimsuu
 - Taaksi foorsii sadarkaa Aanaa jiran waliin guyyaa guyyaan wal arguun mari’achuu
 - Duub deebiifi qajeelfama kennaa deemuu
 - Tajaajila yaaliwwan garaagaraa kennuufi kkf
 - Warra WASH waliin ta’uun bakka dhiyeessa bishaanii adda baasuu
 - Haala ittisaafi to’annoo Koleeraarratti ergaawwan adda addaa bocuun karaa manneen barnootaa, manneen amantaafi bakka gabaatti akka darbu taasisuu
 - Tooftaalee chaanaalota miidiyaa garaagaraa
- fayyadamuun hawaasa dadammaqsuu

Hudhaalee xiyyeeffannaa barbaadan

- Rakkoo qindoominaan hojjechuu dhabuu
 - Hoggansi kallattiin nuuf hin kennamne jedchuun qaama olii eeguu
 - Hanqinni dhiyeessii bishaanii rakkoo hamaa ta’uu
 - Dhiyeessiiwwan garaagaraa
 - Bajata ga’aan dhabamuu
 - Hanqina qulqullina raga
 - Dhibeen Koleeraa deddeebi’ee dhufuu
 - Dhukkuboonni adda addaa baayyachuu
 - Rakkoo nageenyaafi gogiinsaa

Kanaaf, hojiin kun cimina, kutannoofi xiyyeeffannaa hoggansaa, qindoominaan hojjechuus kan barbaadudha. Gama kanaan, hojiin akka Godina Baalee Aanaa Harannaa Bulluqitti Koleeraa dhabamsiisuuf hojjetame fakkeenyummaa guddaafi irraa baratamuu kan qabudha.
- Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Obbo Hayiluu Dinqaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee Duraa Lakk.279353 maqaa Obbo Siyyum Wubishaatiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

Caalbaasii

R/M/A/Mirgaa 1^{ffaa} Obbo Shimallis Taaddasaa 2^{ffaa} Obbo Gazzahaanyi Daadhii 3^{ffaa} Obbo Margaa Tasammaa fi R/M/A/Idaa Obbo Balaay Kataamaa jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 832/2000 ta’e kaaree meetira 160 ta’e kan manni irra qubatee jiru kaare meetira 108 ta’e ka’umsaa caalbaasii qarshii 1,889,360.40tiin gaafa 20/04/2016 sa’aatii 3:00 - 6:00tti iddoo qabeenyi kun argamutti caalbaasii waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan tilmaama caalbaasii keessa ¼ qabattanii iddoo, sa’aatii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Zawdii Ayyanaw Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. isaa L/X/L/D/2164/00 ta’eefi Lakk Iddoo ER/86/00 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’e kennameef na jalaa bade jedhanii waan iyyataniif,qaamni ragaa kana arge beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan raga mirkaneessa qabiyyee kan biaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Ekkaa Xaafoo.

Zawdii Ayyanaw Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. isaa L/X/L/D/3532/00 ta’eefi Lakk Iddoo ER/423/00 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’e kennameef na jalaa bade jedhanii waan iyyataniif,qaamni ragaa kana arge beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan raga mirkaneessa qabiyyee kan biaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Ekkaa Xaafoo

Obbo Nasiruu Sammaan waraqaa ragaa qabiyyee mana jireenyaa Magaalaa Hoolotaa ganda Birbirsaa sibaa keessatti galmaa’ee kennameef Kaartaa Lakk.isaa EMLM/3260/2010 kan ta’een waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti WLM/Hoolataatti dhiyaachuudhaan gabaasa akka gootan jechaa,guyyaa jedhame kana keessatti dhiyaachuu baannaan ragaan kun haqamee ragaan kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa.

Obbo Amdasillaasee G/Qiriqoos waraqaa ragaa Aabbaa Qabeenyummaa Magaalaa Adaamaa keessatti galmaa’ee naaf kenname Lakk.kaartaa isaa 243/99 kan ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kennamee waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa hojii 20keessatti haa dhiyaatu. guyyaa jedhamee kana keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Aadde Meeroon Baqqalaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Kubaaniyaa Inshuuraansii Abbaay Damee Adaamaafi Himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 5:30irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Rasdinaa Tujiitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Hayiliyyee Baalchaa fi Himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 4:30irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee.

Obbo Abdii Fufaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Qananii Safaraa waamamaan isin jidduu falmii dhimma iyyannoo H/Hawaasaa jiru ilaalchisee waamamaan kun himanna isinirratti dhiyaate irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan ta’ee, kan hin dhiyeeffanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan kan bira darbamu ta’uu beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 3:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Cobii.

1^{ffaa} **Waldaa Dhuunfaa Ameen Hojii Sibiilaa Itti gaafatamummaan isaa kan murtaa’etiif**

2^{ffaa} **Margaa Addunyaatiif**

3^{ffaa} **Taaboore Wadaajootiif**

4^{ffaa} **Ayyaaleewu Daacawutiif**

5^{ffaa} **Maqidas Firoomsaatiif**

6^{ffaa} **Nagaash Masaqaleetiif**

7^{ffaa} **Mokonnin Agiizeetiif**

8^{ffaa} **Abbabech Baqqalaatiif**

9^{ffaa} **Ashaabbir Amaareetiif**

10^{ffaa} **Yeshaarag Daacootiif**

11^{ffaa} **Naannoo Masqaleetiif**

Bakka Jirtanitti

Himataan Baankii Siinqee Damee Caffee fi Himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaalchisee galmeen cufamee ture deebi’ee banamuusaa beektanii beellama gaafa 03/04/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M /M/O/Magaalaa Adaamaa.

Obbo Eebbaa Firoomsaatiif

Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Hiwoot Immiruufi Himatamaa isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ta’ee, yoo dhiyachuu baattan mirgi deebii barreeffamaaafi ragaa barreeffamaa kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Galaan.

1^{ffaa} **Obbo Abittii Zambaabaa Ayyalaatiif**

2^{ffaa} **Aadde Siisaay Bahiluu Ballaxaatiif**

3^{ffaa} **Obbo Darajjee Raggaasaatiif**

4^{ffaa} **Shibbiruu Shegguu Fayyisaatiif**

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Hayiliyyee Baalchaa fi Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/04/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan,yoo hin dhiyaatiin falmiin bakka isin hin jirretti kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Aadde Masarat Salamoona mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Bokkuu Shanan keessaa Kaartaa Lakk. isaa OR01150502 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Eermiyaas Tsaggaayee Wumamaa Lakk. Nagahee 852949 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Ashannaafii Asaffaa Nagahee Lakk.1497664 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana argee ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu,guyyaa beeksifni kun bahee egalee guyyaa 30 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu, yoo kun ta’uu baate ragaa biroo baafachu kan danda’an ta’uu ni beeksisan. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajira Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Falmataa Aalmuutiif

Bakka Jiranitti

Himataan Obbo Shimallis Katamaa fi himatamaan isin jidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu isaa beekkee beellama gaafa 05/04/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaatu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Salamoona Silashiitiif

Obbo Musee Geetahuunitiif

Bakka Jiranitt

R/himataan Obbo Ashabbir Yewaalasheetii fi R/ himatamttonni mana murtii kanatti himatamuu isaanii beekanii bu’uuraa murteetiin raawwattanii yoo kan hin dhiyaannee fi kan hin rawwannee yoo ta’e, bakka isin hin jirretti galmeen rawwiisaanii kan itti fufuu ta’uu isaa beekanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 10:00 irratti akka dhiyattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Daksiisaa Araarsaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Leellisaa Araarsaa bakka bu’aan Obbo Caalaa Zarihuuniifi himatamaan kun isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keesan beektanii beellama gaafa 03/04/2016 sa’aatii 4:00 irratti deebii keessan akka dhiyeeffattan ibsaa, yoo deebii kan hin dhiyeeffanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufuu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Jalduu

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Sadaasa 20 bara 2016 Shawaa jalatti Obbo Abdaa Umar Maammaa baasifatan keessatti mana jireenyaa kan jedhame dogoggoraan waan ta’eef kaartaan Lafaa tajaajila Industriiif ooluu jedhame sirreeffamee haa dubbifamu.

Obbo Fallaqqaa Xilaahuun Lakk. Nagahee 1883204 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Biqilaa Booranaa fa’aa N-9 fi M/A/Idaa Aadde Gannat Warquu fa’aa N-8 jidduu falmii raawwachiisaa jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Dambalaa Aanaa Dagaagaa keessatti kaaree meetira 548 irratti argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 3,172,152tiin gaafa 21/04/2016 sa’aatii 3:30 - 6:00tti iddoo qabeenyi kun argamutti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan tilmaama caalbaasii keessa ¼ dheedhiidhaan qabsiistanii iddoo, sa’aatii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Adaamaa.

1^{ffaa} **Rahiinoo waan Tireedingii Waldaa Dhuunfaa Itti Gaaftamummaan isaa Murtaa’etiif**

2^{ffaa} **Aadde Kaasech Allee Hiluufitiif**

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Aaddis Dhaqqaboofi Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtoonni himannaa sirna gabaabaatiin mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii ragaa ittisaa ofirraa ittisan yoo qabaattan beellama duratti hayyamsiisa dhiyeeffattanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 5:00irratti akka dhiyaattan, manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

1^{ffaa} **Obbo Gammachuu Daddafootiif**

2^{ffaa} **Obbo Xahiir Waaqootiif**

3^{ffaa} **Obbo Tashitee Osheetiif**

4^{ffaa} **Obbo Aabee Qawweetiif**

5^{ffaa} **Obbo Muhaammad Diinshootiif**

6^{ffaa} **Obbo Jimaa Gadaatiif**

7^{ffaa} **Obbo Usaa Mangaassaatiif**

Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Humana Elektiriika Itiyoophiyaafi Himatamtooa isin jidduu falmii waa’ee oliyyannoo beenyaa jiru ilaalchisee komiin oliyyannoo isinirratti dhiyaate ni dhiyeessisa kan jedhamee beektanii beellama gaafa 02/04/2016 sa’aatii 4:30irratti akka dhiyaattan falmattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan mirgi falmii keenii bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Bahaa.



1^{ffaa} Dibaabee Alamuutiif

2^{ffaa} Geetuu Alamuutiif

Bakka Jirtanitti

Oliyyattuun Tsahaay Alamuufi deebii kennitoonni isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti oliyyanni isinirratti dhiyaachuusaa beektanii beellama gaafa 03/04/2016 sa’aatii 8:00irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi keessan bira darbamee himattuuf kan murtaa’u ta’uu beektanii akka dhiyaattani manni murtii ajajeera.M/M/O/Mgaalaa Shaggar.

Himattuun Aadde Masarat Tasfaayeefi Himatamaa Obbo Naatinaa’eel Silashii F/Makamtuun Aadde Saabaa Fiqaaduu jidduu falmii T/Qarshii jiru ilaalchisee famitti makamtuun falmiitti makamuushii beektaee beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 8:30irratti deebii ishii qabattee akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka ishiin hin jirretti falmiin taassifamee murtiin kan kennmu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Furi.

1^{ffaa} Zakkaariyaas Kitaabaatiif

2^{ffaa} Dhaabbata Vizyin Foor Niiwu Jenereshiin Charitabil Organayizaashiniitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Taaddasaa Roobaafi Himatamtoota isin jidduu falmii H/Hawaasa jiru ilaalchisee Himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattanii falamttan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Caalbaasii

Waajjirii Maallaqaa Bulchiinsaa Magaalaa Adamaa Konkolaattoota Gubataniifi dulloomanii tajaajilaan ala ta’an argaa konkolaataa hin qabne haaluma jiraniin sibiila caccabaan /scrap/ caalbaasidhaan dorgomsiisnee gurguruu barbaada.Kanaafuu namooni caalbaasii kana irratti dorgomuu barbaadan qarshii hin deebinee qarshii 500.00 sanada qophaa’ee bitachuun Guyyaa Beeksifni kun Gaazeexaa kallacha oromiyaa irratti maxxanfamee bahee irraa jalqabee guyyaa hojii 10’niif qileensarra oolee guyyaa 11ffaa guyyaa hojii yoo ta’e ganama sa’aatii 6:30tii cufamee guyyuuma kana sa’aattii 8:00irratti kan banamu yoo ta’uu, guyyaan 11ffaa ayyaana yoo ta’ee guyyaa itti aanuu guyyaa hojii sa’aatii jedhameetti bakka dorgomtooni isaanii argamanitti kan raawwatamuu ta’uu hubatanii akka dorgomtan ni beeksifna. Iddoon qabeenyi kun itti argamu naannoo mana poostaa fuldura Fannoo diimaa dallawaa mana qopheessaa bulchiinsa magaalaa Adaamaa keesatti ta’ee, Odeeffanmnoo dabalataaf lakk. bilbilaa 0221115863 bilbiluun hubachuu ni dandeessu.
Waajjira Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Mohaammad Shikur Lakk. Nagahee 383218 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Saamsoon Birhaanee Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. 860/99 ta’een maqaa isaaniitiin galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa S/Bakkee.

Obbo Geetaachewu Habtasillaasee Magaalaa Mojoo Ganda Qarsaa keessaatti Waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa mana jireenyaa Kaartaa Lakk.isaa 302/81 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mojoo.

Obbo Naggasaa Dagaagaa mana jireenyaa Magaalaa Amboo ganda Hora Ayeetuu keessatti kaartaa Lakk.isaa BMA/7295/2002 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu.Kana ta’uu baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

Caalbaasii

R/Himataan Obbo Tasfaayee Addaamuu fi R/Himatamaa Obbo Dajanee Girmaa jidduu falmii raawwii murtii jiru ilaalchisee Konkolaataa Harkifamaa Lakk. Gabatee isaa ፳፯-03-01-26243 qabeenyummaan isaa kan R/Himatamaa kanaa kan qajeelcha poolisii magaalaa Shaggar jalatti argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 1,153,280.58/100tiin gaafa 21/04/2016 sa’aatii 3:30 - 6:00tti iddoo konkolaataan kun argamu dallaa qajeelcha poolisii Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee keessatti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan ka’uumsa caalbaasii irraa ¼ COOdhaan qabsiistanii iddoo, sa’aatii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Mgaalaa Shaggar.

Obbo Muluuqan Tadilaa Ayyaanuu kan jedhaman jiraata Kutaa Magaalaa Sulultaa keessa kan ta’an gosa daldalaa gurgurtaa axanaa (mukaa) irratti kan hojjatan Lakk. TIN 0070350191 ta’e baafachuun hojii hojjachaa otoo jiranii nagaheen gurgurtaa lakk. 001/0050 jiru baayyinni isaa tokko kan ta’e waajjira galii Kutaa Magaalaa Sulultaarraa galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef qaamni nagahee kana argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni Gaazexaa Kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyeessu. yoo dhiyeessuu baate, nagaheen bade kun seera qabeessummaa kan hin qabne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Galiwwan Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Aadde Maastawaal Geetiyyeetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Tazarraa Sisaayiifi Himatamtuu isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee Himatamtuun kun qarshii himataa seeraan ala karaa moobaayil baankiingiitiin dabarfachuun badhaadhina isheef hin malle argateetti jedhamtee mana murtii kanatti himatamuushee beektee beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattee falmattu manni murtii ajajeera.M/M/Kutaa Magaalaa Duukam.

Obbo Yohaannis Manziriitiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Alanduu Goshuufi Wamamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 10:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Gammachuu Lammaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Caalaa Tonkoluufi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 3:00irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne ta’e mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.

Waldaa Dhuunfaa GMT Industirii Itiyoophiyaatiif Yohaannis Gabruutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuuraansii Itiyoophiyaafi Himatamtoota isin jidduu falmii Himannaa siviilii jiru ilaalchisee Himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himanna isinirratti dhiyaate mana murtiitii fudhattanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 5:00irratti falmiif akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalamee murtii kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Bahaa.

Aadde Zinnaash Girmaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Abeel Tasfaayeefi waamamtuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee waamamatuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Adaamii Tulluu.

Obbo Teedii Zimbalaachoo Nagahee mana jireenyaa Lakk.isaa 1821366 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti WBIF/Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa.

Aadde Sannaayit Asfaawu Nagahee Lakk.isaa 400270 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Askuwaal Masfiin Kaartaa Lakk.Wt/128/2001 fi Lakk.Galmee A-043 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Taayyee Taaddasaa Aguchoo Magaalaa Ejeree ganda Burqaa Ejeree keessaa iddoo mana jireenyaa galmaa’ee ture Waraqaan Ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa isaaniitiin galmaa’e Lakk.kaartaa 2746/82 ta’e ballinni isaa 235M² irratti argamu waan na jalaa badeef kan biroo akka naaf kennamu jechuun nu gafataaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Ejeree

Aadde Azaalach Hayilee Nagahee Lakk.isaa 0889937 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Barakat Tulluu Fayyisaa Nagahee mana jireenyaa Lakk.778952 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa.

Dhaaltota Obbo Asaffaa Dinbaruu kan ta’an qabiyyee mana jireenyaa maqaa Obbo Asaffaa Dinbaruutiin Magaalaa Bishooftuu ganda Calalaqaa (05) keessatti argamu Lakk.kaartaa 26/40 tajaajila M/jireenyaa bal’inni mana 500M² irratti argamu kaartaan jalaa badeef kaartaan kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf waan nu gafataniif,namni kaartaa kana idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabate yoo jiraate, beeksifni kun guyyaa bahee eegalee guyyaa 21 keessatti akka deebisu WLM/Bishooftuutti qaaman argamee akka gabaasu ibsaa kun ta’uu baannan abbaa dhimmaa kanaaf kaartaa qopheessinee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Bishooftuu

Obbo Gaashawu Birhaanuu Bakka bu’aa Seeraa Obbo Maandafiroo Shifaraawu Dastaa Nagahee Lakk.isaa 2479441 ta’e maqaa Obbo Gaashawu Birhaanuutiin muramee na jalaa bade jedhanii Waajjira Lafaa Magaalaa Duukamitti waan iyyataniif,namni Nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana kan arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenyaa kanaaf Nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Duukam.

Obbo Taaddasaa Nugusee Nagahee Lakk.isaa 385286 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Mahaammad A/Kariim mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Hangaatuu keessaa qaban Waraqaan Ragaa qabiyyee iddoo Lakk. isaa 580/03 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Taaddasaa Nugusee Kaartaa Lakk.isaa S/01280/2011 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Yashii Kidaanamaariyaam Nagahee mirriitii iddoo Mana jireenyaa Lakk.isaa 2359001 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru akka jalaa bade iyyataniiru.kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti W/L/K/Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Yohaannis Mogos Nagahee Miriitii iddoo mana jireenyaa Lakk.04135 maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru waan jala badeef qaamni raga kana argine ykn kiyya jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti dhiyachuun akka beeksiftan,kun kan hin tanee yoo ta’ee ragaan bira kan kennamuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irraa darbee booda ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Siisaay Daggafaa fa’aa N-25tiif
Bakka Jirtanitti
Ol’iyyattuun Atsaduu Tuulamaafi deebii kennitoota isin jidduu falmii siviilii waa’ee jeequmsaa jiru ilaalchisee himanni oliyyannoo mana murtii kanatti isinirratti dhiyaatee waraqaan waamichaa isinif ergamee beellamatti dhiyaachuu waan diddaniif himatamuu keessan beektanii beellamaan dura dhiyaattanii waamicha mana murtii fudhattanii beellama gaafa 12/04/2016 waaree duratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalmee ajajain ykn murtii barbaachisu kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.

Obbo Indaalee Waldayohaannisiitiif
Bakka Jirtanitti
Himattuun Aadde Sirguut Fayyisaafi Himatamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

1^{ffaa} Almatsahaay Takiluutiif
2^{ffaa} Maskaram Takiluutiif
3^{ffaa} Amdahuun Takiluutiif
Bakka Jirtanitti

Iyyataan Zalaalam Takiluufi Himatamtoota isin jidduu falmii waa’ee qabiyyee lafaatiin walqabatee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keesan beektanii beellama gaafa 05/04/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhimmaa isin ilaalaturratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Sadeen Sooddoo.

Obbo Alamuu Badhaadhaatiif
Bakka Jirtanitti
Himattuun Abiyoot Araggaa fi Falmitti makamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee falmitti makamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/04/2016 sa’aatii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Mul’ataa Shibbiruutiif
Bakka Jirtanitti
Himataan obbo Shibbiruu Tulluufi Himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/04/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Iluu.

Obbo Shifarraa Waaqumaa Milkeessaa Bakka buutuu seeraa Dub. Saamiraawwit Hagoos Raddaa Nagahee iddoo mana jireenyaa Lakk. Nagahee isaa 1559766,228 6837,1564866,1565934,450326,0295623 ta’eefi 508784 kan ta’e maqaa Dub. Saamiraawwit Hagoos Raddaatiin Magaalaa Duukam keessatti murame kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagaheen koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Obbo Abrihaam Birhaanee Bayyanaa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. isaa L/X/L/D/8339/07 ta’eefi Lakk Iddoo 5(rop.)155/07 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’e kennameef na jalaa bade jedhanii waan iyyataniif,qaamni ragaa kana arge beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan raga mirkaneessa qabiyyee kan biaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Ekkaa Xaafoo

Obbo Sa’id Usmaan Nagahee Lakk. 1919924 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Huseen Joobiraa Lakk. Nagahee 376861 ta’eefi Lakk. Galmee F-21 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Dastaa Lammaa Lakk. Nagahee 316908 ta’eefi Lakk. Galmee D-21 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Sa’id Mahaammad Nagahee Lakk. 1923723 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

1^{ffaa} Obbo Iyyaasuu Taaddasaatiif
2^{ffaa} Obbo Immiruu Akimaliitiif
Bakka Jirtanitti

Himataan obbo Dibaabaa Badhaasoofi Himatamtoonni isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamtanii galmeen beellamarra jiraachuusaa beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 5:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/ Magaalaa Adaamaa.

Aadde Zayinabaa Ahimad Nagahee Lakk.isaa 374463 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagaheekan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Urgeessaa Nagaraa Itichaa Nagahee ramaddii Lakk. 561328 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Ashaabbir Katamaatiif
Bakka Jirtanitti
Himataan obbo Baayyisaa Damee fi Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/04/2016 sa’aatii 5:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

1^{ffaa} Ba’iwunatuu Jundiitiif
2^{ffaa} Azeeb Warqisheetiif

Bakka Jirtanitti
Himataan obbo Tasfaayee Girmaafi Himatamtoota isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/04/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Aadde Boontuu Baayyuutiif
Bakka Jirtanitti
Himataan obbo Tolasaa Mulugeetaafi Himatamtuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/04/2016 sa’aatii 5:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Amboo.

Obbo Taganee Siisaay Nagahee iddoo mana jireenyaa Lakk. Nagahee isaa 0166532 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Duukam keessatti murame kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagaheen koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

1^{ffaa} Obbo Tigistuu Birhaanuutiif
Bakka Jirtanitti
Himataan Obbo Booranaa Baqqalaa fa’aa N-2 fi Himatamaa isin jidduu falmii waa’ee qarshii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/04/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan abattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Asteer Sa’iid Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee Lakk. isaa 2440529 kan ta’e maqaa Obbo Kaalid Sayyidiitiin galmaa’ee kennameef orjinaalli isaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee footoo koppii orjinaalaa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Aadde Gannat Ittafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee Lakk. isaa 2440531 kan ta’e maqaa Obbo Kaalid Sayyidiitiin galmaa’ee kennameef orjinaalli isaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee footoo koppii orjinaalaa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Wallagga

Obbo Dassuu Dhugumaa Baabuu kan ta’an mana Jireenyaa magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 10553/WMMLM/2010 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 400M² irraa mana jireenyaa bali`ina lafaa 200M² irratti argamu qoodanii Obbo Guutamaa Fiqaaduutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Obbo Misgaanuu Taaddasaa Wayyeessaa kan jedhaman mana Daldalaa magaalaa D/Dolloo ganda Doolloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 14122/WL/2014 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 100M² irratti argamu dabarsanii Obbo Masfiin Iddoosaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Bakka Bu’aa Obbo Masfiin Iddoosaa fi Aadde Zawudituu Asaffaa kan ta’an Obbo Misgaanuu Taaddasee kan jedhaman mana Daldalaa magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti maqaa Obbo Masfiin Iddoosaatiin galmaa’ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 12310/WBIFLM/2012 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 250M² irratti argamu dabarsanii Obbo Misgaanuu Taaddaseetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Obbo Amaaree Salamoon Magaalaa Naqamtee ganda Calalaqii 03 keessatti kan argamu ragaa Pilaanii mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Geetahuun Jaallataa Magaalaa Naqamtee ganda ---- keessatti kan argamu ragaa Pilaanii mana jireenyaa fi Lakk.kaartaa 1029/KW/96 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa fi Pilaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Hiruut Abarraa Magaalaa Naqamtee ganda ---- keessatti kan argamu ragaa Pilaanii mana jireenyaa fi Lakk.kaartaa 437/KW/97 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaafi pilaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Eebbaa Garramuu mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 03 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa M/J/1603/2014 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 456M² irratti argamu dabarsanii Obbo Habtee Sobboqaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

G/Saajiin Darajjee Shuumaa Dhaabasaatiif Bakka jiranitti

Iyyattuun Aadde Ijjigaayyoo Mokonnin Lammaafi waamamaa isin gidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti barbaadamuusaa beekee beellema gaafa 0404/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Gimbii.

Alamtaayyee Ayyaanaa magaalaa Innaangoo ganda 01 keessaa mana dhuunfaa lakk. Isaa 148 ta’e Beeteleem wasanuutiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.

Alamtaayyee Ayyaanaa magaalaa Innaangoo ganda 01 keessaa mana dhuunfaa lakk. Isaa 0061 ta’e Beeteleem wasanuutiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

Obbo Lammaa Immiruu mana jireenyaa Magaalaa H/ Sabbuu ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa isaa 2111/LMHS/2016 ta’e bali`inni isaa 202.125M² irratti argamu dabarsanii Obbo Gammachuu Saamu’eelitti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Ayinachoo Malaakuu mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irraa qaban Habiib Suphaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin akkaataa labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004tiin jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Ayinachoo Malaakuu mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irraa qaban Jaamal Iddoosaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin akkaataa labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004tiin jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Ayinachoo Malaakuu mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irraa qaban Hasan Gabisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin akkaataa labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004tiin jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Faanu’eel Xilaahuun Faantaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 02/808/2012 ta’e ballinni isaa 314.5M² irratti argamu Aadde Tirfee Fiixee Margaatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Taliilaa Tarrafaa mana jireenyaa Magaalaa Haroo Sabbuu ganda 02 keessatti argamu Lakk. kaaartaa isaa 2034/LMHS/2015 ta’e, bali`inni isaa 198M² irratti argamu Obbo Maatiyoos Bayyanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Haroo Sabbuu.

Obbo Tasammaa Jireenyaatiif Raajii Dureessaatiif Bakka Jiranitti
Ol’iyyataan Tolaa Biraanuu D/Kennitoota isin gidduu falmii waliigaltee diiguu jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/04/2016 sa’aatii 4:30irratti akka dhiyaattan Manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Wallagga Bahaa.

Aadde Leensaa Dagguu Taaddalee mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa Gimbii/04/2000 kan ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Tasfaayee Eebbaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Duulaa Tasgaraa mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 02 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa MJ/57011/2012 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 51.7M² irratti argamu dabarsanii Aadde Roobee Sirriiqaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Beekumaa Taaffasaa Guutamaa mana dhuunfaa isaanii ta’e tajaajila mana Jireenyaa Magaalaa Jaarsoo ganda 01 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa 719/BLM/2011 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Hiikaa Dafaa Angaasaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo.

Obbo Mulugeetaa Abarraa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Isaa 1582 ta’e fi lakk.kaartaa isaa Bul/Mag/Gull/1708/2016 bali`inni isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Guutamaa Shifarraatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Abiyoot Iliyaas mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Isaa 4060 ta’e fi lakk. kaartaa isaa Bul/Mag/Gull/1674/2015 bali`inni isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Margaa Shifarraatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Saamu’eel Miijanaa mana jireenyaa Magaalaa Calliyaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. isaa 753 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 163M² irratti argamu dabarsanii Aadde Hambisee Dhugumaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa C/Ekkaa.

Obbo Dinqee Yooseef Jootee mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK02/316/2016 ta’e bali`ina lafaa 200M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Daagim Olaanaa Abdiisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Bulaa Lammaa Maakuloo mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK02/320/2016 ta’e bali`ina lafaa 200M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Girmaa Alamaayyoo Abdiisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Raamatee Ashiim mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1129/WBIFLMQ ta’e bali`inni lafa isaa 180M² irratti argamu Obbo Boonsaa Magarsaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Sanbattoo Jallataa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 01 keessaa qaban lakk. isaa P-207/WMLM/Q/K kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Aadde Kabbabuush Qannoo Ifaatti dabarsanii waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kana kan raawwatuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Q/Kaarraa.

Obbo Ayyaanaa Qabaataatiif Bakka Jiranitti

Himataan Buusaa Gonofaa Waldaa Aksiyoona Liqifi Qusannaa Damee Naqamtee fi isin gidduu himata jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 03/4/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan Manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Wallagga Bahaa.

Aadde Dinqinash Dureessoo Danuu mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. mana --- Lakk. Kaartaan isaa 3420/2012 ta’e dabarsanii Caalii Guttataatti kennu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.



Ispoortii



Sa'aatii Qananiisaan Vaaleensiyaatti galmeessise rikkardii haaraa ta'ee galmaa'e



 **Kenenisa Bekele**
Sets a New
Masters World Record
2:04.18

Maaraatoonii Vaaleensiyaa tibba darbe adeemsifamerratti Atileet Qananiisaa Baqqalaa sadarkaa afuraffaan dorgommicha xumurus sa'atii inni galmeessise garuu rikardii haaraa ta'ee galmaa'eeraaf. Kun attamittiin ta'uu danda'e? Dorgommii maaraatoonii atileetonni ciccimoofi beekkamoon irratti hirmaataniifi morkii jabaa irratti taasifamu kana atileetonni Itoophiyaa dhiiraanis dubaraanis irra aananiiru.

Xumura dorgommichaan booda dinqisiifanaa olaanaa argachuu kan danda'e Dooktarri Kabajaa Qananiisaa Baqqalaa yaada kenneen; 'Miidhamarraa dandamadhee qabxii kana galmeessuu kootti baay'een gammada'

"Waldorgommii isa ittaanutti cimee qabxii kanaa ol fiduu akkan danda'u kanan itti argedha."

Atileet Qananiisaa Baqqalaa dorgommii Maaraatoonii Ispeen magaalaa Vaalensiyaa irratti qabxii argateen guddoo gammaduu BBCtti hime.

Atileetiin umrii waggaa 41 kun dorgommii magaalaa Ispeen Vaalensiyaatti Dilbata darbe gaggeffameen sa'aatii 2:04:19 ta'een afraffaa tahuun xumure. Kanaanis rikkardii haaraa galmeessuu danda'e. afraffaa bahee attamittiin rikkardii ta'uu danda'a?

Atileetiin umrii waggaa 40 fi isaa ol tahee sa'aatii 2:05 gadi maaraatoonii fiigee kan hin beekne ogguu tahu, Qanaaniisaan sa'atii kanaa gaditti fiigee xumuruunidha rikkardii haaraa kan galmeessise.

Miidhamarraa ka'ee dorgommii ulfaataa kanaan sadarkaa 4ffaa qabachuusaan alattis sa'atii kanaan xumuruusaa hordofee dinqisiifannaa olaanaa argateera. Umrii kanaan gahumsa inni agarsiiseen gara fuulduraatti wayita miidhamasaarraa guutumaan guutuutti bayyaannachuun qophii gahaa taasisemmoo janaa olitti galmeesisuu akka danda'us abdatamaa jira. Innis karoora kana qaba.

Namni hedduun gama marsaalee hawaasaan umriisaa kanaan dorgommii morkii cimaan itti heddummaatu kana sadarkaa kanaan xumuruu isaatti jajaniiru.

Dorgommii Maaraatoonii Vaaleensiyaa kanarratti qabxii Qananiisaan argateen alatti dorgommicha atileetonni



Itoophiyaa dhiiraafi shamarraniin injifachuun miidhagina dorgommichaa ta'aniiru.

Sisaay Lammaa 2:01:48n sa'aatii saffisaa addunyaarra afraffaa tahe galmeessuun kan mo'ate yoo ta'u, Worqinash Dagafaa ammoo 2:15:51n irra aante.

Warra dhiirrootaan atileetiin Keeniyaa Aleksaandar Mutisoo lammaffaa, Daawiit Woldee sadaffaa, atileetii gameessi Qananiisaan ammoo afreessoo xumure.

Dubartootaan ammoo Worqinash Dagafaa, Almaaz Ayyaanaafi Hiwot Gabrakidaan tokkoffaa hanga sadaffaa qabachuun olaantummaan xumuraniiru.

Dorgommii wara dhiirrootaan Atileetiin Yugaandaa fiigicha meetira 5,000 fi 10,000n rikardii addunyaa harkaa qabuufi akkaan eegamaa ture Joshuwaa Cheptegey sadarkaa 37ffaan xumure.

Atileet Sisaay Lammaa injifannoo argate kanaan addunyaarratti atileetii saffisaa yeroo maraa ta'uun sadarkaa afraffaa qabateera.

Akka Qananiisaan dorgommicharratti hirmaatu dhagaa'ameen namooni hedduun milkaa'uusaa ija shakkiin ilaalaa turan. sababnisau dorgommiiwwan muraasa kanaan dura irratti hirmaachaa tureerratti addaan kutuunsaafi umuriin isaas dabalaa dhufuun shakkiin namootaa akka

guddatu taasisee ture.

Atileet Qananiisaa BBCtti waan dubbateen, inumaawuu qabxiin amma galmeesse kana akka jalqabbii haaraatti akka ilaaluufi dorgommii ittaanuuf kan isa qopheessu tahuu dubbate.

Dabaluunis: "Qophiin kiyya yeroo gabaabaaf ture. Miidhameen ture, na dhukkube ture. Dhukkubbii sanarraa dandamadhee waldorgommii kanatti seenee qabxii kana galmeessisuu kootiif, baay'ee itti gammadeen jira," jedhe.

Dorgommii Vaalensiyaa irratti atileetota ciccimoottu irratti hirmaate kan jedhu Qananiisaan, "Keessattuu ji'a sadiin gadi shaakala taasisee," qabxii kana argachuusaatti guddoo gammaduu himeera.

Wal dorgommicha Atileet Sisaay Lammaa sa'atii lama, daqiiqaa tokkoofi sekondii 48n xumuruun rikardii haaraa addunyaa galmeessiseera.

Sa'atiin atileetiin kun dorgommii maraatoonii kana itti xumure, addunyaa atileetiksii keessatti sa'atii saffisaa atileetota dhiirrotaa isa afraffaa ta'ees galmaa'eera.

Sa'atii saffisaa addunyaa kan harkaa qaban atileetii Keeniyaa Kelvin Kiptum sa'atii lamaafi sekondii 35n tokkoffaa, ammas atileetii Keeniyaa Eliyuud Kipchoogee sa'atii lama, daqiiqaa tokkoofi sekondii sagaliin lammaffaa, atileetiin Itoophiyaa Qananiisaa Baqqalaa ammoo sa'atii lama, daqiiqaa tokkoofi sekondii 41n sadaffaadha.

Sa'atii dorgommii kana itti xumureen waahila isaa atileetii gameessa Itoophiyaa Qananiisaa Baqqalee booda sekondii torba qofaan hafuun addunyaarratti atileetii saffisaa afraffaa ta'eera.

Fiigicha maraatoonii Vaalenshiyaa kanarratti atileetonni dubartootaa Itoophiyaas sadarkaa tokkoffaa hanga sadaffaa qabachuun olaantummaan xumuraniiru.

Dorgommii, atileetonni dubartootaas dhiirota waliin fiigaa turan kana atileet Warqinash Dagafaa sa'atii 2:15:51 daqiiqaa 15n tokkoffaan xumurte.

Atileet Almaaz Ayyaanaafi Hiwot Gabrakidaan ammoo lammaffaafi sadaffaan xumuran. Atileetiin Keeniyaa Kalestiin Chepchirchir ammoo 2:20:46n afraffaan xumurte.

Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame